**YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU**

**KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

# QAACCESSA MAMMAAKSA OROMOO DIINGDEE AGARSIISAN, HAALA GODINA BAALEE AANAA SINAANAA XIYYEEFFACHUUN

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIFI OGBARRUUF DHIHAATU**

QORATTUUN: MABRAATEE URGAA

HAGAYYA, 2014

ROOBEE - BAALEE

**QAACCESSA QABIYYEE MAMMAAKSA OROMOO DIINGDEE AGARSIISAN, HAALA GODINA BAALEE AANAA SINAANAA**

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOOTIIFI OGBARRUUF DHIHAATU**

QORATTUUN: - MABRAATEE URGAA

GORSAAN: BIRHAANUU TAAKKALAA (PHD)

**YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

HAGAYYA, 2014

ROOBEE - BAALEE

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Gamisaan Guuttachuuf Mabraatee Urgaa Mata Duree: Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksa Oromoo Diingdee Agarsiisan Kan Godina Baalee Aanaa Sinaanaa irratti kanxiyyeefatee qophaa'ee sadarkaa madallii yuunivarsitiin kaa'ee guutee jira.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa____________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Qoraa keessaa _________________ Mallattoo__________ Guyyaa__________

Gorsaa _______________________ Mallattoo__________ Guyyaa________

# Ibsa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu, kanaan dura Yuunvarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: ___________________________________________

Mallattoo: _________________________________________

Guyyaa: ___________________________________________

## *Axeerera*

*Qorannoon kun mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee irratti xiyyeeffatan, haala Godina Baalee aanaa Sinaanaa qaacceessee dhiheesseera. Mammaaksonni kunneen qorattoota birootiin bal'inaan qoratamuu dhabuu isaaniifi mammaaksoota kenniin qaacceessuun bifa barreeffamaatiin dhaloota haaraaf kaa'uun qorannoo kanaaf ka'umsa ta'eera. Maddi odeeffannoo qorannichaatis maanguddoota aanaa Sinaanaa odeeffannoo laataniifi dookumantoota mammaaksotaa bifa barreeffamaatiin jiraniifi kitaabilee garagaraa yoo ta'an, odeefkennitoota qorannoo kanaa murteessuuf qorattuun mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu akkayoofi mala iddatteessuu eerumsaatti dhimma bahuun filattee jirti. Kanumaan walqabatee qorattuun odeeffannoo afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo taasisun odeeffannoo maanguddootaafi ogeessota waajjira aadaafi Tuuriiizimii irraa odeeffannoo kan funaante yoo ta'uu odeefkennitoonni marii garee irratti hirmaatan 14 (Kudha afur) maanguddoota dhiraa 10 (kudhanii)fi maanguddoota dubartii/haadhoolii 4 (afur) mala darbaa dabarsaatiin (eerumsaan) erga filatte booda, tuuta marii garee lama namoota torba torba ofkeessaa qabu wajjin marii garee taasisuudhaan odeeffannoo funnannatee jirti. Dabalataan ogeessota waajjira Aadaafi Turiizimii aanaa Sinaanaa jaha dhiira 3(sadii)fi dubartii 3(sadii) mala iddateessuu kaayyeeffata faayyadamuun filattee odeeffnnoo afgaaffiifi marii garee xiyyeeffanoon funaantee jirti. Odeeffannoon funaanamees mala qaacceessa raga akkamtaatti fayyadamuun ibsaan qaacceffameera. Mammaaksoonni dhimma diinagdee irratti xiyyeeffachuun mammaakaman diinagdee cimsuuf, absaalummaan akka barbaachisu, qusannoon murteessaa akka ta'e, ifaajuun dhiinagdee horachuuf dirqama akka ta'e, diinagdee horachuun ykn qabachuun kabaja akka qabu, akkasumas namni diinagdee horachuuf abdii akka hin kutanne agarsiisuuf kan mammaakamu akka ta'eefi qisaasama diinagdeen walqabatee, rakkoo hanqinni diinagdee fidu, diinagdee qisaasu balaaleeffachuuf, walaalummaa diinagdee horachuun rakkoo fidu, namani diinagdee hin qabneefi argatee dhabe, diingdee horachuuf abdii gara fuulduraa qabu agarsiisuuf mammaaksoonni akka tajaajilan qaaccessa qorrannoo kana keessatti adda baheera. Dhumarratti qaamni dhimmi ilaalatu hundi (beektoonni, qorattoonni, mootummaa akkasumas Waajjirri Aadaafi Turiizimii aanaa sinaanaa xiyyeeffannoo kennee mammaksootaa Oromoo dhimma diinagdee irratti mammakaman walitti qabuun bifa barreeffamaan kaa'uufi hawaasa biraatti ittifayydamni isaanii akka dablu akka taasisan qorattuudhaan yaboon kennamee qorannichi goolabameera.*

## Galata

Duraan dursee hojii waraqaa qorannoo kana keessatti wixinee irraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti osoo hin nuffiin yaadaafi ogummaadhan yeroo isaan aarsaa godhaninadeeggaraa kan turan gorsaa koo Dr.Brhaanu Taakalaatif galaanni koo guddadha.

Itti dabalee qorannoo kana qopheessuu keessatti akkasuumas galma gahiinsa barnoota koof maallaqaanis ta‘ee yaadan najajjabeessa, dhiibbaa gochaa kan turatan obboloota koo galata guddaa nabiraa qabdu.

Akkasuumas hojii qorannoo kana hundaa hojii kee gootee nagargaaraa kan turtee, ittigafatamuumma koo hundaa baattee nabiira dhabbatteef abbaa manaa koo obboo Tashoomaa Warquu galanni koo guddaadha.

Dabalataan hojii qorannoo kanaaf meeshaa warabbiin, konkoolaataa kennuufi hojii dirree nawajjiin deddeebiitan hundi galata qabdu.Kan biraa yeroo kee arsaa gootee qaamaniis ta‘ee bilbiilaan hojiikoo hordoofa kanturtee B/stu Massalach Xilaahun galataan siif qaba.

Waajirri Aadaaf Turziimii Aanaa Sinaanaa, Waajiira Barnootaa aanaa Sinaanaa odeeffannoo naaf keennitanif galanni keessan guddadha. Akkasumaas Maanguddootaafi qaamoonnibulchiinsa gandaafi haadhooliin ganada Saanbituu yeroo keessan aarsaa gootanii odeeffannoo naaf kennitaniif.

Dhumarrattiis M/B sadaraka 2ffaa Galamafi barsiisoonni mana barumsiichaa hojii qorannoo kanaaf yeroon dirree ba‘u hojii idilee kiyya bakka buusaa nagargaaraa waan turtaniif galanni keessan guddadha.

Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

*Axeerera* ... iii

Galata ... iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Seen-duubee qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 2

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 3

1.3.1 Kaayyoo Gooroo ... 3

1.3.2. Kaayyoo Gooree ... 4

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 4

1.5. Daangaa Qorannichaa ... 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ... 5

1.7. Qindoomina Qorannichaa ... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU FIROOMINAA ... 6

2.1. Afoola ... 6

2.3. Faayidaa Afoolaa ... 6

2.3.1. Ibsuuf ... 7

2.3.2. Miliquuf ... 7

2.3.3. Cimsuuf ... 7

2.3.4. Barsiisuuf ... 8

2.3.5. To'achuuf ... 8

2.4. Amaloota Afoolaa ... 8

2.4.1. Hurruubummaa ... 9

2.4.2. Jijjiirama ... 10

2.4.3. Yoomessa ... 10

2.4.4. Hirmaanaa Hawaasaa ... 12

2.4.5. Lufummaa ... 13

2.4.6. Miidhagummaa .......... 13
2.5. Gosoota Afoolaa .......... 13
2.5.1. Raagoowwan .......... 14
2.5.2. Afwalaloo .......... 16
2.5.3. Unkawwaan Gaggabaaboo .......... 17
2.6. Maalummaa Makmaaksaa .......... 17
2.7. Qabiyyee Mammaaksaa .......... 19
2.8. Akaakuu Makmaaksaa .......... 19
2.9.Faayidaa Mammaaksaa .......... 20
2.9.1. Mammaaksi dubbii Miidhagsa .......... 20
2.9.2. Mammaksi Muuxannoo Ibsa .......... 21
2.9.3. Mammaaksi Dubbi Gabaabsa .......... 21
2.9.4. Mammaksi Dudhaa Kabachisa .......... 21
2.9.5. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu .......... 22
2.10. Mammaaksaafi Hawaasa .......... 22
2.11. Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii .......... 23
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHA .......... 24
3.1. Saxaxa Qorannichaa .......... 24
3.2. Irraawwatama .......... 24
3.3. Iddattoofi Tooftaa Iddateessuu .......... 24
3.3.1. Iddatteessuu Akkayyoo .......... 25
3.3.2. Iddatteessuu Darbaa Dabarsaa .......... 25
3.4. Meeshaalee funaansa ragaa .......... 25
3.4.1. Afgaaffii .......... 25
3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo .......... 26
3.4.3. Sakkatta'a Dookumentii .......... 27
3.5. Maleenya Qaaccessa Ragaalee .......... 27
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO FUNAANAMEE .......... 28

4.1. Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksota Dhimma Dinagdee irratti Mammaakaman ................................ 28
4.1.1. Mammaksoota Diinagdee cimsuu mul'isan ........................................................................ 28
4.1.1.1. Mammaaksoota abshaalummaa diinagdee horachuu agarsiisuun ........................................... 30
4.1.1.2. Mammaaksoota qabeenya horachuuf ifaajuun barbaachisaa akka ta'e agarsiisan ..................... 31
4.1.1.3. Mammaaksoota kabaja qabeenyaa agarsiisan ............................................................... 33
4.1.1.4. Mammaaksota qusannaan diinagdee cimsuuf barbachisaa akka ta'e mulisan ........................... 36
4.1.1.5. Mammaaksoota abdii gara fuulduraa diinagdee argachuu irratti mammaakaman ..................... 36
4.1.2. Mammaaksoota Hiyyummaa/Qabeenya dhabuu Mul'isan ............................................................ 37
4.1.2.1. Mammaaksoota hanqina Diinagee agarsiisan ............................................................... 40
4.1.2.2. Mammaaksoota diinangdee horachuu wallaaluu agarsiisuuf mammaakaman ......................... 41
4.1.2.3. Mamaaksoota abdii kutachuu diingdee dhabuu agarsiisuuf mammaakaman ............................ 43
4.1.3. Mammaksota qisasama diinagdee Balaaleeffatan ............................................................ 43
4.1.3.1. Mammaaksoota Qisaasa'uu diinagdee agarsiisuuf mammaakaman ......................................... 43
4.1.3.2. Mammaaksoota qisaasa'u diinagdee balaaleeffachuuf mammaakaman ................................... 44
4.2. Yoomessa Mammaaksota Dhimma Dinagdee Irratti Mammaakaman ............................................... 46
4.3. Faayidaa Mammaaksonni Dhimma Dinagdeerratti Mammaakaman Qaban ...................................... 47
4.4. Mammaaksonni Dhimma Dinagdeerratti Mammaakaman yeroo ammaa sadarkaaisaan irra jiran...... 48
BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO ............................................................... 50
5.1 Goolaba ................................................................................................................... 50
5.2. Argannoo ................................................................................................................. 51
5.3. Yaboo ..................................................................................................................... 52
WABILEE .................................................................................................................... 55
Dabalee – A: Afgaaffii ................................................................................................... 59
Dabalee – B: Marii Garee Xiyyeeffannoo .......................................................................... 60
Dabalee – C: HirmaattootaAfgaaffiifi marii gareetiin odeeffannoo Kennan. ............................. 61
Dabalee – D: Suuraa Yeroo Odeeffannoon funaanamu fudhatame ........................................... 62
Dabalee – E: Mammaaksota Oromoo Dhimma diinagdee irratti xiyyeeffataniifi yoomeesa adda addaa keessatti mammaakaman kanneen afgaaffii fi marii garee hirmaattootaarraa argaman ............................ 65

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

### 1.1. Seen-duubee qorannichaa

Afoolii dhalli namaa yaada isaa barreeffamaan dabarfachuu osoo hin jalqabiin dura kan afaaniin dhalootarraa dhalootatti darbaa tureefi ammas kan darbaa jiruudha. Kana jechuun, dhalli namaa afoolatti dhimma bahaa dhaloootaa dhalootatti dabarsuu fi walirraa fudhachuudhaan as gahee jira. Dhalli namaa eenyummaa isaa kan ittiin ibsatu gosoota afoolaa garagaraatti fayyadameeti. Gosoota afoolaa keessaa muraasni isaanii mammaaksa, hiibboo, durdurii, geerarsa, faaruu loonii, faaruu jaalalaa, faaruu daa'mmanii/ururuu, sirba gaa'ilaa, jechamoota, ciigoo fi k.k.f kaasuun ni danda'ama. Gosootoa afoolaa kanneen keessaa ammoo hawaasni kan bal'inaan dhimma itti bahu mammaaksa. Dhimma kana ilaalchise, Meider (1997:67) yemmuu ibsu "Proverbs are the oldest collection in the history of human kind," jedha.Yaanni kunis mammaaksi seenaa hawaasaa durii waliin hidhata akka qabuufi waan durii akka ta'e ibsa.

Ummanni Oromoo mammaaksa dhimma garagaraatiiif oolcha. Faayidaalee mammaaksi kennu keessaa muraasni isaani yoo ilaalle barsiisuuf, gorsuuf, sirreessuuf, dubbii qabbaneessuuf, araarsuuf, quuqama ofii ittiin ibsachuuf, goota kakaasuuf, dabeessa jajjabeessuuf, cimina ittiin ibsachuufi gama biraatiin immoo gadaantummaa namaatis ibsachuuf kan mammaakaman jiru (Gaaddisaa Birruu 1991).

Mammaaksi yoomessa ittiin mammaakamu qaba. Gosoota afoolaa kanneen biroo irraa mammaaksa wantoota adda taasisan keessaa yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf mijaawaa ta'uu isaati. Fakkeenyaaf mammaaksonni bakka gaddaatti, bakka gammachuutti, gotaaf mammaakaman, dabeessa kakaasuuf mammaakamaniifi kan kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama. Inni kun immoo mammaaksi haalawa ta'uu isaa agarsiisa Sahilun (2002:43). Dhimma kana irratti Okumba (1994:591) yoo ibsu, “Proverb can be said to be one of the most informal geners of oral literature they are never accompained by one formula. There are no rules as to what time of the day should be used," jedha. Yaanni kun mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isa ijoo ta'uu isaa ibsa. Dabalataanis, yaada kana irraa wanti hubannu mammaaksatti bakkaafi yeroo maratti, dhimma itti bahuun akka danda'amu addeessa. Mammaaaksatti fayyadamuuf wanti nama daangeessus akka hin jirre ibsa.

Mammaaksonni guddina afaaniif baay'ee barbaachisoofi faayidaa qabeeyyii akka ta'an qorattuu afoolaa kan taate, Finnegan (1970: 415) yoo ibsitu, "Proverbs are essential to life and language without them, the language would be but askeleton without flesh, abody without soul," jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, mammaaksi afoola keessatti bu'uura guddaa ta'uusaarraan kan ka'e, afaan mammaaksa malee akka lafee foon ofirraa hin qabneefi qaama lubbuu of keessaa hinqabneetti akka fudhatamu agarsiisa.

Hawaasni Oromoo aadaa qabeenya uumamaan qabus ta'e dhuufan dalagee argate kuununsuun seeraan itti gargaaramuu niqaba.Oromoon qabeenya isaatti seeraan fayyadamuu dhisuudhaan qisaasessu hinfedhu.Kanarraan kan ka'e, qusannaan iddoo olaanaa akka qabu himuuf "Bor hinbeekneen, qodaan bukoon ishee sagali, qodaan ittoo ishee kudha lama" jechuun mammaaka. Mammaaksi kunis, qababeenya qaban tokko arganne jechuudhaan har'uma ykn guyyaa argatan sana seeraan ala yoo qisaasessan boru rakkoo guddaan akka nama mudatu agarsiisa. Hawaasni Oromoo yeroo mammaakuyyuu "Ittoon soogidda hin qabnee fi dubbiin mammaaksa hin qabne hin mi'aawu," jedhu. Kunis kan agarsiisu mammaaksi akka baay'ee barbaachisaafi gahee guddaa qabudha.Qorannoon kunis mammaaksota Oromoo dhimma dinagdee irratti mammaakaman kan Godina Baalee Aanaa Sinaanaa irratti xiyyeeffate kan raawwatamedha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Ummanni addunyaa hundi, mammaaksa dabalatee afoolota duudhaa hawaasa isaanii ittiin guddifatan, ittiin eeggatan, ittiin kununfatan, itiin walgorsatan, walbarsiifatan, shaakala hawaasa isaanii biratti fudhatamaafi kabaja qaban ittiin hundeeffatan, adeemsa guddina isaanii keessatti ittiin dhimma bahan niqabu. Akkasumas, mammaaksi muuxannoofi beekumsa hawaasaa duriifi kan ammaa ta'ee dhalootaa dhalootatti kan darbu, kuufama aadaa, seenaa, beekumsaafi ogummaa hawaasaati.

Haata'u malee, hawaasni Oromoo Godina Baalee Aanaa Sinaanaa, mammaaksatti gargaaramee dhaamsa walii dabarsuun, keessattuu dhaloota si'anaa biratti sababaa guddina saayinsiifi teeknooloojiinfi dhiibbaa aadaa halagaatiin walqabatee waan dagatame fakkaata. Ta'us, mammaaksi gooreewwan afoola Oromoo keessaa, tokko ta'ee, dhimmoota akka: aadaa, safuu, beekumsa, muuxannoofi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti wallaalummaa qabeenya horachuu, gowwummaa, dogoggoraa, dhimma diinagdeefi kkf walqabatanii wantota hawaasicha

mudatanirratti, hawaasaaf barumsa kennuuf oolu gaheen inni qabu olaanaadha. Hawaasni Oromoo barbaachisummaa mammaaksota dhimma aadaa, duudhaa, safuu, falaasamaafi kkf durii kaasee hubatee dhimma itti bahaa tureera.

Gama biraatiin hamma qorattuunn sakatta'a taasiftetti, kallattileen qorannoon Mammaaksota Oromoo irratti gaggeeffaman yoo ilaalle kanneen akka: mammaaksota hawaasni Oromoo dhimmoota adda addaaf itti gargaaraman akka waliigalaatti walitti qabuun galmeessanii kaa'uu, (Yewayinxajji Daamxoo 2016, Yeshii Lammaa 2019, Balaachoo Jabeessaa 2019 fi kkf) qabiyyee mammaaksota cimina dubartootaa ibsan, gorsaa, haadhaa, abbaa, ijoolleefi ijoollummaa agarsiisan qacceessuun kaa'uufi darbee darbee ammoo, qabiyyee mammaaksota Oromoo akka waliigalaatti walitti qabuun qacceessuurraan kan darbe, Mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee irratti xiiyyeeffatee mammaakaman baldhiinaan addatti namni qorate baay'ee hinjiru. Garuu, hawaasni Oromoo mammaaksota dhimma aadaa, duudhaa, safuu, falaasamaafi kkf kan hawaasni Oromo durii isaanirraa barbaadu kana hubatanii, guddina afoola Oromoo keessatti gahee hiikaafi bu'aa qabeessa ta'e taphachuu akka danda'aniif mammaaksota dhimma diinagdee irratti diinagdee cimsuuf, qasaasama balaaleeffachuuf, qusannaa jajjabeefi kkf irratti mammakaman irratti namni qorannoo gaggeesse hinjiru. Kanaafuu, qorattuun Mammaaksota Oromoo Aanaa Sinaanaa dhimma diinagdee irratti xiyyeeffatanii mammaakaman hawaasicharraa walitti qabuun akkaataa qabiyyeefi ergaa isaaniitiin xiinxaltee ol kaa'uu yaalteera. Kanuma bu'uureffachuun, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuuf yaaleera.

- ✓ Mammaaksoonni diinagdee cimsuuf mammaakaman kamfa'i?
- ✓ Mammaaksoonni qisaasa'uu diinagdee too'achuuf mammaakaman isaan kami?
- ✓ Mammaaksoonni Oromoo hiyyummaan balaaleeffachuuf mammaakaman kamfaa'i?
- ✓ Mammaaksonni dhimma diinagdeen walqabatan yoomeessa akkamii keessatti mammaakamu?
- ✓ Mammaaksonni dhimma diinagdeerratti mammaakaman kunniin ergaa maalii qabu?

**1.3. Kaayyoo Qorannichaa**

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroon qorannoo qabiyyee mammaaksota Oromoo dhimmoota diiinagdee irratti mammaakaman kan Godina Baalee Aanaa Sinaanaa xiinxaluudha

1.3.2. Kaayyoo Gooree

- ✓ Mammaaksota Oromoo dhimma dinagdeerratti mammaakaman kamfa'a akka ta'an ibsuu.
- ✓ Mammaksota qisaasa'u diinagdee to'achuuf mammakaman qaacceessuu.
- ✓ Mammaksota hiyyummaa balaaleeeffachuuf mammakaman xinxaluu.
- ✓ Yoomessa mammaaksota Oromoo dhimmoota diinagdee irratti mammaakaman ibsuu.
- ✓ Ergaa mammaaksota Oromoo dhimmoota diinagdee irratti mammaakaman addeessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Ummatni Oromoo uummata seenaa, aadaa, duudhaa, eenyummaafi falaasamaa mataa isaa qabudha. Kunis, aadaa, seenaafi afoola kan kaleessa ture har'a dhalootatti dabarsee jira. Kun immoo, beekumsaafi muuxannoo hawaasaa yeroo dheeraa kuufamee bifa garaagaraan dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbaa ture, mammaaksota dhimma diinagdeen walqabatee mammaakaman qaaccessuun, bifa barreeffamaatti jijjiiruun dhaloota boriif olkaa'uun gumaata labataaf kennamudha. Kana malees, qorannoon kun qaamolee hawaasaa garaa garaaf akka tajaajilu ni yaadama. Kanaafuu qorannoon kun dalagameeyommuu xumuramu bu`aalee heddu buusa. Bu'aaleen qorannoo kanaa muraasni isaaniikanneen armaan gadiiti:

- ✓ Mammaaksi kunneen afoolaan waan tureef gara barreeffamaatti jijjiiramuun og-barruu Oromoo ni guddisa.
- ✓ Aadaan hawaasa aanaa kanaa gama mammaaksa kanaan jiru akka kuufamee turuu taasisa.
- ✓ Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa Sinaanaatiifis ni fayyada. Sababni isaas waajjirri kunaadaa hawaasichaa kuusuuf kan dhaabbate waan ta'eef akka wabiitti isaan gargaara.
- ✓ Namoota dhuunfaadhaanis ta'ee akka dhaabbataa (gareedhaan) qorannoo addaa geggeessuu fedhaniif akka wabiitti ni tajaajila.
- ✓ Qorattoota fookloorii mataduree kanaan walfakkaatu gaggeessaniif ka'umsa ta'a.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bakkaan Godina Baalee Aanaa Sinaanaa irratti daanga'a. Yeroo gabaabaa qorannoo kana keessatti hawaasa bakka biraa waliin wal baruuniyyuu waan ulfaatuuf bakka kanairratti xiyyeeffadheera. Karaa biraatiin, qorannoon kun mata duree mammaaksota Oromoo

dhimmoota dinagdee irratti mammaakaman irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu daangaa qabahuu abaa. Daangaan qabiyyee qorannichaa xiinxala qaaccesa mammaaksoota Oromoo dhimmootaa diingdee ilaalatan aanaa Sinaanaa gandoota Saanbituu, Iluu, Alaagee, Salqaafi Hawushooti.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti hanqinaaleen qorattuu mudatan nijiru. Isaanis, yeroon qorannoo kanaa hojii idilee faana waan ta'eef haqinni yeroo akkasumas, gorsaa wajjiin yeroo yeroon wal arguu dadhabuu akkasumas, naannoo hojii idilee qorattuutti kitaabolee wabii gahaa ta'e argachuu dhabuufi meeshaa suuraafi sagalee ittiin waraabamu mijatoo dhabuufa'i. Kanamalees, mataduree kana ilaalchisee qorattuun yeroo ragaa sassaabattu geejjibaa fi namoota barbaaddu yerootti argachuu dhabuufaan hanqinaalee qorattuu muudatan haata'an iyyuu malee qorattuun qorannoo kanaa bakka konkolaataan hin galle miillaan adeemuudhaan, namoota beellama jalqabaa irratii argachuu dhabde irraa deddeebiin beellama fudhachuudhaan argattee odeeffannoo barbaachisu sassaabbachuun rakkina ishee quunnaman keessa darbuun qorannicha xumuruu dandeesseetti.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kunboqonnaa shanitti qoodamee dhiyaate. Boqonnaan jalqabaa seensa yeroo ta'u isa jalattis: Seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi kaayyoo gooree qorannichaa, Faayida Qorannichaa, Daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi rakkoo yeroo qorannoomuudtanii fi frmaata akkasumas qondoomina qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa Lammaffaan sakatta'a barruu yeroo ta'u; innis bakka gurguddoo saditti qoodamee dhiyaate.Sakatta'a barruu yaad-rimee, yaada hayyootaafi sakatta'a barruu walfakkiiti.Boqonnaa sadii keessatti immoo mala qorannichaatu dhiyaate.Innis, Saxaxa qorannoo, Irraawwatama, qorannichi itti gageeffame, maddeen ragaa qorannichaa, iddattoo qorannichaa, tooftaa iddateessuufi maloota odeeffannoonitti walitti qabameefi ittiin qaacceeffame akkasumas, meeshaalee funaansa ragaaf hojiirra oolan keessatti ibsameera.Boqonna Afur ragaan qorannichaaf sassabame keessatti xinxalamee jira.Boqonnaa shanaffaa keessatti immoo Goolaba qorannichaa, yaada furmaataafiyaboo qorannichaa itti qindaa'anii ibsamaniiru.

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU FIROOMINAA

### 2.1. Afoola

Afoolli hawaasaa kan ergaa bal'aafi hiika gadi fagoo qabu ta'uyyu akka og-barruutti beekamtii argachaa hin turre. Haata'u malee, muuxannoo jiruufi erga waa'een afoolaa qo'atamuu eegalee irraa jalqabanii kan hojjetaman irraa kan hubatamu dhiibbaa ture cabsuudhaan afoolli dhalootaa dhalootatti darbaa ture. Har'as darbaa jira, Hunda caalaatti immoo carraa dagaagginni barnootaafi ogbarruun saqeefiin galmeeffamee dhaloota dhufuuf kaa'amuutti dhufeera. (Finnegan 1970) Afoolli afaaniin dubbatamuun haala qabatamaa hawwaassummaa keessatti kan raawwatamu kalaqa afdubbiiti. Akka Melakine Mengistu (2003: 12) kaa'utti "oral literature refers to the verbal heritage of man kind transmited from generation to generation by words of mouth". Afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa kan ittiin ibsamudha. Afoolli duudhaa, amantaa, ilaalcha, dinagdeefi siyaasni hawaasa tokkoo afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan ittiin darbu yoo ta'u hawaasni muuxxannoo yeroo dheeraadhaaf qabu afoola isaatiin ibsata.

Akkasumas afoolli muuxxannoofi beekumsa yeroo dheeraa waan ta'eefi aadaa, duudhaa, safuu, seenaa akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasichaa ifa baasuun dhaloota dhufutti ni dabarsa. Afoolli afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti hambaa jiruufi jireenyaa, muuxannoo hawaasaa tokkoo kan baatee deemuufi kan ittiin walitti dabarsanidha (Misganu Guluma2012). Dabalataan akka Addunyaan (2014:166) "afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo irraa kan biraatti afaaniin kan darbudha" jedha. Kunis ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa natoo ittiin hubatuufi ibsu jechuun ni danda'ama.

### 2.3. Faayidaa Afoolaa

Beektonni adda addaa faayidaa afoolli uummata keessatti qabu bifa garaagaraatiin ka'au. Akka Bascom (1965) kaa'etti Afoolli faayidaa gurguddoo afur qaba. Isaanis; Barsiisuu, Cimsuu, Miliqsuufi To'achuudha jechuun kaa'ee jira.

"የስነቃል ተግባራትን በአምስት አበይት ክፍሎች ከፍሎ ማየት ይቻላል፡፡ እነሱም

1. የመግለጥተግባር፣
2. የማጠናከርተግባር፣የመትከልተግባር፣

3. የማምለጥተግባር፣
4. የማስተማርተግባር፣
5. የመግታትወይምየመቆጣጠርተግባር” / ፍቃደአዘዘ 1991 ፡ 17/

Kun yommuu qaacceffamu faayidaa afoolaa bakka shanitti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis; Amala ibsuu kan qaban, amala jajjabeessuu kan qaban, amala dhaabuu kan qaban, amala miliqsuu, amala barsiisuufi amala to'achuu akka ta'e dubbata.

### 2.3.1. Ibsuuf

Faayidaan afoolaa kun gaaffilee naannoo keenya irraa ka'aniif deebii kenna. Wantoota naannoo keenyatti argamaniif hubannoo cimaa ta'e dabarsa. Akka Misgaanuu (2011) tti yoo ta'e “afoolli gaaffilee naannoo irratti ka'an, gaaffii daa'immanifi dargaggoonni eessaa dhuftee wantootaa irratti kaasaniifdeebisuuf ga'ee olaanaa qaba,” jechuun ibsa.

### 2.3.2. Miliquuf

Ilmaan namaa jiruufi jireenya akkasumas bu'aa bayii guyyaa guyyaan isa nuffisiisu jalaa gara addunyaa boqonnaa qabuutti baqachuu barbaadu.Kana gochuuf immoo waan hedduutu danqaa itti ta'uu danda'a. Wantonni gufuu ta'an kanneen akka aadaa, barnoota, qabeenya, uumamniifkan kana fakkaatan isaan mudatu jalaa afoola fayyadamuun miliquuf yaala. (Bascome 1965)“Folklore lets people escape from repressions imposed up on them by society,’’ jechuun ibseera.

### 2.3.3. Cimsuuf

Akka hayyuun faayidaalee afoola qoqqoodee ibse kun jedhutti namoonni, dhaabbileewwaniifi waldaalee hawaasummaa isaanii akkasumas aadaa isaanii afoolaan ijaaruu gochaalee guyyaa dhalootaatii kaasee haga gaafa du'aatti raawwataman barbaachisummaa isaanii amansiisaa ta'e akka hin banneefi hin irraanfatane godhu (Bascome 1965)“Folklore validates culture justifying its rituals and institutions to those who perform and observe them,”jechuun ka'aa.

2.3.4. Barsiisuuf

Akkaatuma walfakkaatuun namoonni afoolatti gargaaramuun haala jireenyaa, naamusa, aadaafi duudhaa isaa ittiin walbarsiifatu “Folklore is a pedagojic device which reinforcesmorals, values and builds wit,” jechuudhaan ibseera. Yaada kana deeggaruun Andrezwski(1985:38) irratti “oral literature, like written literatureis of educational value since being exposed to it enhances the litents verbal skills, enriches their vocabulary and enlarges their knowledge of their own society and its history,” jedha.

2.3.5. To’achuuf

Uummatni Oromoo miseensa hawaasa sanaa kan ta’e amala fudhatama qaburratti jajjabeessuun amala badaa yookiin fudhatama hin qabne immoo balaalleffachuun amala gaarii ta’e irratti miseensa isaa to’ata. Bascome (1965) “Folklore is ameans of applying social pressure and exercising social control,” jedha. Miseensa hawwaasaa irratti dhiibbaa gochuun ni to’ata.

> *Robert A. Georges (American Folk.or society: 315) “Intensive studies of story texts from individual societies have revealed that stories can reflect cultural reality or distort it, that they can reinforce the social structure and contribute to social cohesion or weaken the social structure and written social cohesion that they can function as conditioning mechanisms and instruments of social control as escape mechanisms and instruments of social criticism,”jechuun ibseera.*

Afoolli miseensa hawaasichaa ittiin qeequuf akkasumas ittin to’achuuf kan gargaaru ta’uusaa ibseera.

**2.4. Amaloota Afoolaa**

Afoolli guddina, dandeettii sammuu, hojiifi kaka’umsa namaa cimsuun, miseensa hawaasaa keessatti jaalatamaa nama taasisuufi jireenya mijaawaa akka jiraatan nama gochuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Kana ilaalchisuun, Andzejekwski (1985: 38) yoo ibsu, “Oral literature perform a wide variety of social functions,” jedha.  Akka yaada kanaatti, afoolli tajaajila hawaasummaa adda addaa bal’aa kan kennudha. Haaluma kanaan, Alamaayyoofi kanneen biroon (2006: xxiii), Harmer (1980) wabeeffachuudhaan, “Oral literature is necessary to resort to the

oral traditions and genealogies…in order to reconstruct the broad outlines of their origins and early existence," ibsaniiru.

Makmaaksis amaloota qabu keessaa bakka namoonni lamaafi isaa ol argamanitti kandubbatamuu ta'uu isaati. "Makmaaksi bakka namoonni lama yookiin lama ol jiranitti kan dubbatamu waan ta'eef hurruubummaa ni qaba.Kana jechuun kan dubbatuufi kan dhaggeeffatu (caqasu) jiraachuun dirqama jechuudha."(Wasanee, 2002).Amala makmaaksaa keessaa inni biraa dubbii yeroo sanitti dubbatamu wajjiin walitti dhufeenya qabaachuu isaati."Makmaaksi dubbii dubbatamuufi mata duree haasawichaa waliin kan deemu yookiin wal simu ta'uu qaba."(Wasanee, 2002).Mammaaksi damee ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee amala ittiin beekamu heeddu qaba. Amaloota mammaaksaa keessaa muraasni isaani kan armaan gaditii:

### 2.4.1. Hurruubummaa

Hayyoonni hedduun amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa bu'uura akka ta'e amanu.Yoo hurruubummaan hin jiru ta'e afoolli jira jechuun hin danda'amu. Haalli Uumamasaas ta;e adeemsi lufummaa isaa hurruubummaa irratti kan hundaa'edha. Afoolli kamiyyu yoomeessa hawaasummaa mataa isaa irratti hundaa'ee hurruubbaatiin hawaasa fuulduratti dhiyaata.Kana jechuun garuu yerootti afoolli bakka hawaasni hin jirretti hin hurruubamu.Bakka gahuu hin danda'u. Onnee hawaasaa booji'uu kan danda'u kallattiin hawaasa fuulduratti yoo hurruubamedha. Hurruubbaan afoolaa tokko hawaasa fuulduratti yoo dhiyaatu qalbii daawwattootaa to'achuudhaaf waan amalli afoolaa sun heyyemu hunda raawwata kana irratti ogummaafi dandeettii dhuunfaa isaa ida'a. Harki, miilli, fuullifi qaamni marti akka walii galaatti ga'ee afoolaa hurruubamaa jiru sun irraa barbaadu ba'u. Sochiin qaamaa kunneen irraa haalli gammachiisaa, gaddisiisaa, sodaachisaa, jajjabeessaafi k.k.f uumamee qalbii hawaasaa akka harkisuuf hurruubummaan hedduu carraaqa. Hawwaasni callisee kan daawwatu otoo hin ta'in mallattoowwan garaagaraatiin ykn sagaleetiin bakka barbaachisutti duuka bu'anii hirSinaanaa isaanii agarsiisu.

Afoolli bareedina goonfatee miira dhaggeeffattoota tuquun ykn kakaasuun akkasumas, qalbii namaa booji'uun kaayyoo isaa galmaan ga'uu kan danda'u hurruubummaa ykn gochaan yoo dhiyaateedha. Yaada kana ilaalchisee Zarihuun Asfaaw (1992:25), yoo ibsu, "Afoolli gochaan malee dhiyaatu ittoo soogidda malee qophaa'u waliin tokko yoo jenne gurra guddisuu hinta'u".

Akka inni jedhutti, gocha malee kan dhiyaatu yoo ta'e miidhagina hinqabu. Miiraafi qalbii dhaggeeffattootaa harkisuufi booji'uus hindanda'u.Kanaafuu, akkuma dubbiin mammaaksaan bareeddu, afoollis gochaan bareeda.

### 2.4.2. Jijjiirama

Jireenyi afoolaa kan dhugoomu afaan namootaatiin dubbatamuutiin yookaan weeddifamuutiin waan ta'eef, walakkaan isaa yookaan guutummaaguututti adeemsa keessa geeddaramuu danda'a. Namni afoola beeku tokko namaaf dhiyeessee booda yeroo biraa otoo namoota biraaf isuma hurruubuuf yaale, akka gaafa duraatti guutummaan guutuutti dhiyeessa jechuun hindanda'amu; kaan irraanfachuu danda'a yookaan haata'u jedhee kalaqa haaraa itti dabaluufi bifa caalatti qalbii harkisa jedhee yaaduun dhiheessuuf yaala, yookaan haalli hurruubichi keessa jiru isa gaafa duraa waliin tokko ta'uu waan hin dandeenyeef waa itti dabaluu, yookaan waa hir'isuun hin oolu. Kuni ammo afoolicha irratti gama adda addaan jijjiiramni akka uumamu godha.

Afoolli jijjiiramaaf baay'ee kan saaxilameedha. Sababni isaas, afaaniin dhalootarraa dhalootatti waan daddarbuuf akkuma jirutti dabarsuun rakkisaa ta'uu danda'a.Kunis jechaan miidhagina keessa irraa hafuu yookaan itti dabalamuu danda'a.Afoolaafi hawaasa gargar baasanii ilaaluun ulfaataadha. Hawaasni tokko immoo diinagdee, siyaasaan, amantaan, teeknolojiifi haala jiruufi jireenyaan jijjiiramuu wan danda'uuf afoollis jijjiiraamuu danda'a. Kana ilaalchisee Finnegan (1970:17) yoo ibsitu, *"There are also the clases when the performerintroduces valiation or order to pieces or event totally nawsforms intermsof the ditailed word in structure, or the content.''*Yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, afoolli dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraatti kan daddarbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e qabiyyeefi buusaa isaarratti jijjiiramni uumamuu kan danda'u ta'uu nuuf mirkaneessaa.

### 2.4.3. Yoomessa

Jechi yoomessa jedhu jechoota Afaan Oromoo lama irraa ijaarame.Isaanis: "yoom" fi "eessa" kanneen jedhanidha. Jechi jalqabaa (yoom) yeroo kan ilaalattu yoo ta'u, akka mata duree kanaatti yerootti afoolli hurruubamu ilaallata. Jechi lammataa (eessa) bakkatti afoolli hurruubamu agarsiisa.Kana jechuunis, afoolli tokko hurruubamuudhaaf yeroofi bakka mataa isaa danda'e qabaachuu isaati.Kunis yoomeessa jedhama.

Fakkeenyaaf, afoolota heddu jiran keessaa abaarsa haailaallu.Abaarsi yerootti abaaramu qaba. Namni dhuunfaan yoo nama yakke, dabe, miidhe, qaamni miidhame sun ni abaara. Yoo horiin (qabeenyi) namaa hatamu, namoonni biyyaa walitti yaa'anii abaaru; yoo bineensi garagaraa (booyyee, jaldeessa, qamalee) midhaan nama jalaa miidhan "ilkeen badi" jedhanii abaaru. Abaarsi kan raawwatu callisaan otoo hinta'iin yeroo waa uumamudha. Yeroo (yoom) sirni abaarsaa raawwatus, baki filatamee (eessa) meeshaaleen kana waliin barbaachisoo ta'anis qabatamu.

Haata'u malee gosoota afoolaa kanneen biroorraa mammaaksa wantoonni adda isa godhan keessaa tokko yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf mijaawaa ta'uu isaati.Kana jechuun mammaaksi haalawa qabatamaa keessttii akka dhimma itti bahamu agarsisuudhaaf.Mammaaksi dhimmaafi yeroo barbaachisaa keessatti kana itti fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf, bakka jaarsummaan gaggeeffamuyyi, bakka cidhaatti, bakka gaddaatti, bakka gammachuun jiruufi kan kana fakkaatan irratti nimammaakama. Mammaaksatti dhimma bahuuf wanti nama daangessuu kan hin jirre ta'uu isaatiifi bakka mammaaksi barbaachisu hundatti dhimma itti bahuun kan danda'amu ta'uu isaa hubanna.

Sahilun (2002:43) haala mammaaksi ittiin dhiyaatu ilaalchise yemmuu ibsu, "The performance of proverb is not restricted by time and place," jedha. Yaada kanarraa wanti hubannu faayidaan mammaaksaa yeroo fi bakkaan kan daanga'e miti. Yeruma barbaadan dhimma itti ba'uu danda'u.Kana jechuun dhimmi mammaaksi itti mammaakamu yoo jiraate mammaaksatti dhimma bahuun akka danda'amu addeessa.Ben Amos (1975:192) "While storytelling and riddles have definite temporal and spatial features, the time space proverb saying is situational" jedha. Hayyuun kunis, durdurii fi hibboon yoomessa murtaawaa keessatti yoo himaman, yoomessi mammaaksaa garuu haalawa akka ta'e dubbata. Kana Jechuun osoo hibboo fudhanne, yoomessi isa daanga'aa yookiin murtaawaa kan ta'eefi hibboon galgala galgala abidda marsani taa'uun taphatama. Mammaaksi immoo haalawa kan jedhameef bakka barbaachisaa ta'etti yookiin bakka dhimmi jiru hundatti itti fayyadamuun akka danda'amu ibsa.

Walumaagalatti, mammaaksi amaloota ittiin beekamu qabaachuun isaa dameewwan afoolaa kaan irraa adda isa godha. Gama biraatiin mammaaksi sagalee walfakkaatuun jalqabamuu isaatii kun immoo mammaakamuuf mijaawaafi salphaa akka ta'u taasisa. Fakkeenyaaf, "hammaaranis, hammaatanis inuma dhumata" Inni biro mammaaksi sagalee walfakkaatuun xumuramuun isaas

ni mul’ata. Amalli kun mammaaksi sun akka rukuttaa manaa qabaatu taasisa. Kun ta’uun isaa mammaaksi mammaakamu sun salphaatti akka jedhamuu fi sammuu namaa keessaa akka hin banne ni taasisa. Fakkeenyaaf, “Takka wallaaluun namummaa lama wallaaluun gadhummaa” Mammaaksa kana keessatti jechoonni namummaa fi gadhummaa jedhan sagalee walfakkaatuun golobaman.

2.4.4. Hirmaanaa Hawaasaa

Akkuma duraan ibsame, afoolli kan raawwatu (hurruubamu) yoomessa dhugaa irratti hunda’ee dhimma hawaasaa irratti xiyyeeffateeti. Haala kanaan, hurruubummaan afoolaa hirmaanaa namoota bakka sana jiranii barbaada. Namoonni kunneen jamaa jedhamu.Fakkeenyaaf, yeroo namni du’u booyichi jira.Warra sagalee ol kaasee walaloo yookaan jachoota qindeessee yeedaloo itti uumee booyuun hurruubdota jechuu dandeenya.Namoonni biroon bakka booyicha kanaa jiran ammoo warra huruubaa jiran caqasu, daawwachaa himimmaaniin, fuulaan, yookaan mallattoo gara garaatiin hirSinaanaa isaanii ibsu.Bifuma walfakkaatuun, afoola garagaraa keessatti jamaan hirSinaanaa adda addaa qaba.Afoolli garri caalu bakka jamaan jirutti rawwata.Taphni ijoolee adda addaa yookaan oduun durii yeroo hurruubamu gosa afoolichaa irratti hundaa’uun namoonni dhaggeeffatan (jamaa) jiru.Namonni dhaggeeffatan kunneen bifa adda addaan hirSinaanaa isaanii mirkaneessu. Bakka wanti nama kolfisiisu jirutti kolfuun, bakka gaddisiisutti immoo gadda isaanii bifa adda addaan calaqqisiisuun, bakka hamilee kennuun barbaachisutti ammoo hamilee kennuuf kkf gochaa hirSinaanaa isaanii mul’isu.Fiqaadee Azazee 1991:84 ibseera.

Amalootaa mammaaksaa keessaa ummatummaan isa tokko yoo ta’u abbummaan yookiin qabeenyummaan isaa kan ummataati. Kanaafuu yaada bal’aa ta’e tokko himaa gabaabaa fi hawwataa ta’an yoomessa murtaawaa keessatti dhimmoota dhugummaa qaban kan dhiyeessuudha. (Tafarii Kumsaa, 2001) Yaada kana irraa wanti hubatamu, dhimmoonnii dhugummaa qaban kun ammoo kan uummataati. Uummanni dhimma isaani mammaaku.Mammaaksi dubbii isaanii keessaa hin dhabamu.Mi'eessitu dubbii isaaniti.Ergaan mammaaksi isaanii qabeenya isaaniti. Abbaan mammksaa uummatuma itti fayyadamu sana kan jedhameefis kanumaafi.

### 2.4.5. Lufummaa

Adeemsi afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti itti darbu lufummaa jedhama.Afoolli karaa lamaan dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a.Haasaa afaaniifi gocha. Kanneen afaaniin daddarban: mammaaksa, hiibboo, walaloo, eebba, abaarsaafi kkf yoo ta'an; kanneen gochaan daddarban immoo: weedduu, geerarsa, dhiichisa, tapha ijoollee, geelloofi kkf fa'a. Kanneengochaan dhalootarraa dhalootatti daddarban wantoota lama ofkeessaa qaban.Kan gurraan dhageenyuufi sochii qaamaati.

Mammaaksis kan jaarraa yookiin bara murtaa'e keessatti qofa fayyadee kan dhaabbatu osoo hin taane dhalootarraa dhalootatti kan darbaa turee fi ammas kan darbaa jiruudha. Gaaddisaa Birruu (1991) Yaani hayyuu kanaa mammaaksi kan bara durii yookaan jaarraa darbe keessatti qofa mammaakame kan dhaabbatu osoo hin taane amala dhaloota durii irra gara dhaloota ammaatti akkasumas dhaloota gara fulduraatti barreeffamaan osoo hin taane afaaniin dhaloonni walharkaa fudhachaa kan dadarbu ta'uu isaa agarsiisa. Mammaaksi amala lufummaa qaba kan jedhameefis dhaloonni bara tokko keessa jiru itti fayyadame yookiin mammaakee kan dhaababatu osoo hin taane labata tokko irraa gara biraatti kan darbu ta'uu isaa agarsiisa.

### 2.4.6. Miidhagummaa

Afoollan Oromoo hunduu miidhagina mataa isaanii qabu. Kunis, afoolli tokko haala taa'e sanaan ergaa isarraa barbaadamu sana dabarsuu dandeenyaan miidhagaadha jechuu dandeenya. "Miidhagummaan haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa kan mul'isuudha." Jaarraafi Wasanee (2001:168) Yaada kana irraa kan hubannu miidhagummaan afoolaa hubatamummaafi qindoomina isaatiifis ga'ee guddaa qaba jechuudha.
Kanaaf, miidhagummaan afoolaa miira ilma namaa akka hawwatu taasisuuf ergaan isaa hubatamuun ga'ee guddaa qaba.

## 2.5. Gosoota Afoolaa

Afoolli bal'ina isaarraan kan ka'e takkaattuu qoratanii waliin ga'uun nama dhiba. Kanaafuu, namni afoola qorachuuu barbaade tokko dameewwan kanneen sirriitti hubachuun daangeffatee hinka'u taanaan, akka nama marfata galaanaatti haxxissoo bu'ee karaa ba'umsaa dhabee ta'a.

Kanaafuu, waa'ee afoolaa qorachuun hunda dura gosoota afoolaa beekuun murteessaadha (Fedhasaa, 2013).Kunis, afoola hawaasa qorataanii bira gahuudhaaf gosa gosaan kaa'uun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa.Kanaan walqabsiisee, Okpewho (1992) gosoota afoolaa Afrikaa bifa isaan qabanirratti hundaa'uudhaan bakka gurguddaa sadiitti qooduun kaa'eera. Isaanis: raagoowwan, afwalaloofi unkawwan gaggabaaboodha.

### 2.5.1. Raagoowwan

Raagoowwan falaasama, ilaalchaafi aadaa saba tokkoo ittiin calaqqisiisuufi ilaaluuf kan gargaaraniidha. Kanaafuu, walitti dhufeenya waaqaafi namaa, uumaafi uumamaa, namaafi naannoo isaa niseenessu. Kana ilaalchisuun, Bascom (1965), (Sahilu, 1996)fi (Abraham, 2000) akka kaa'anitti gosoonni raagowwanii bakka sadiitti qoodamu. Isaanis: raagamtaa, afseenaafi durduriidha.

Raagamtaa: raagamtaa jechuun Afaan Girikiitiin, "Methos' jechuudha. Innis, seenaa dhugeeffannaa amantaa of jalatti hammata. Kanaafuu, raagamtaan waa'ee amantaa waliin walitti hidhata. Gosoonni ragamtaa kunis, bakka sadiitti qoodamu.Isaan keessaa Ragamtaan Uumamaa, waaqni dur wantota har'a addunyaa kanarratti mul'atan akka uume seenessu.Seeneffama raagamtaa gosa kanaa keessatti falasamoonni gaaffilee dhala namaa deebisan hedduutu jira. Raagamtaa Ergamtootaa keessatti ammoo,gochaa ergamoota waaqaa kanneen adeemsa jireenyaa keessatti gootummaa agarsiisan, gocha boonsaa raawwatan kanneen of keessatti hammata. Haala kanaan, raagamtaa ergamtootaa keessatti waa'ee gocha ajaa'ibsiisaa ergamoonni waaqaa ilmaan namaaf raawwatantu seeneffama. Akkasumas, Raagamtaa Goobangaleessaa ammoo, waa'ee namoota jaalala saba isaaniitiif jedhanii wareegamanii addeessa. Gooban galeessi kunneen namarraa adda ta'anii dhalachuu nidanda'u.Barri isaan keessatti dhalatanis, yeroo hawaasni rakkoo adda addaa keessatti kufee jiru ta'uu nidanda'a. Goonni akkasii yeroo dhalatu ammoo rakkootu saba sanaatiif hiikama (Fedhasaa, 2013). Afseena: afseenni damee ykn firii raagoo keessaa isa lammataati. Waa'ee namoota hawaasa keessatti sadarkaa olaanaarra jiranii ykn namoota aangoo qabanii kan ilaallatudha. Fakkeenyaaf, Abbaa Gadaa, Abbaa Duulaa, Abbaa Bokkuufi wkf ta'uu nidanda'a. Irra jireessaan haala bulchinsaa waliin walitti hidhannaa qaba. Kanaafuu, waa'een aangoofi waa'een namoota aangoorra jiranii yeroo raagaman afseena jenna. Kaayyoon isaas, gaaffiiwwan yaaddessaa ta'an deebisuudha. Seenaa sana keessatti, gochi raawwatame akkamitti akka raawwatameefi maaliif gaaffii jedhaniif deebii kenna.

Wanti afseena durduriirraa adda isa taasisu, wanta raawwateefi eessatti akka raawwate walduukaa kaa'uu isaati.Innis seenaa dur darberratti hundaa'uudhaan akkaataa namoonni dur haala rakkisaafi dhiphisaa ta'an keessa kutanii darban hubachiisa.Walumaagalatti, wanti afseenni himamuuf sababni inni guddaan bashannaansiisuu caalaa barnoota waliif dabarsuudha (Misgaanuu, 2011). Durdurii: durduriin waa'ee dhala namaa waliin walqabata. Fakkaattonni isaa ammoo, waliif faallaa ta'u.Durduriin qabiyyeen isaa waan tokko irratti xiyyeeffata.Waldhabbiin keessatti calaqqisus ammanatti jabaataa miti.Qabiyyeen isaas baay'ee hinbal'atu. Fakkaattonni kunis, horii, beellada, nama, lubbu qabeessa ykn lubbu dhabeessa ta'uu danda'a. Akkasumas, qooddattoonni keessatti hirmaatan yeroo baay'ee amala faallaa ta'e qabaachuun beekamu. Kana jechuunis, jiidhaan yoo jiraate gogaan duubaa hindhibu jechuudha (Fedhasaa, 2013). Karaa biraatiin, Misgaanuun (2011) durdurii bakka gurguddaa afuritti qooduun ibseera. Isaanis: durdurii seenessaa, durdurii gootummaa, durdurii ibsaafi durdurii bineensotaati.

Gosoota durdurii kanneen yoo ilaalle,durduriin Seenessaa, waa'ee gochaafi namoota beekamoo ta'aniifi seenichiifi gochichis kan keessatti dubbatamudha. Seenichi waa'ee mootii biyyaa, waa'ee gootummaa dirree waraanaafi wkf ta'uu nidanda'a.Durdurii Gootummaa ammoo, gootummaa of keessaa qaba.Namni durdurii kana himu sababii gootummaa durta'ee darbe himuuf namni gaaffii raga irratti hundaa'e isa gaafatu hinjiru.Yoo gafatamellee wanti hundinuu dur hafe jechuun amansiisuuf yaala. Innis, gochaalee dur darban irraa muuxannoowwan akka: tooftaa, cimina, gootummaafi wkf akka argannuuf nugargaara. Akkasumas, durdurii ibsaa, ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenya uummata tokkoofi wkf ilaalchisee gaaffilee ka'aniif ibsa kennuuf kan gargaaru yoo ta'u,durduriin bineensotaa ammoo, hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaafi hammeenyaafi wkf ilaalchisee fuulleetti waan dubbachuu hinbarbaanne bineensotatti qabachuun kan dubbatuudha. Oduun durii kun irra caalaa haamilee namaa kakaasuufi bashannansiisuuf tajaajila. Dimshaashumatti, hawaasni tokkoo durdurii isaatti gargaaramuun tokkummaa, jaalala, cimina, waliif yaaduu, injifachuu, milkaa'ina, mirgaan galuu, amanamummaa, waadaa eeguu, bilchina, abshaalummaa, waltumsuufi walumaagalatti.faayidaa kaayyoo walfakkaatuuf akka dhabachuu qaban hawaasa barsiisa (Misgaanuu, 2011).

### 2.5.2. Afwalaloo

Afwalaloon damee afoolaa keeessa tokko yoo ta'u, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti namoota cimsuurratti afoolota warren kaan caalaa filatamaadha.Fakkeenyaaf, yeroo daboon waliin hojjetu haamilee walii kennuu, yaada diinaa ofirraa cabsuufi gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba. Oromoonis, afwalaloowwaan dhimma adda addaa ittiin ibsachuuf itti gargaaramu hedduu of keessaa qaba. Kanaan walqabsiisee, Misgaanuun (2011:44) yoo ibsu, "Gosoota afoola Oromoo keessaa kan afwalalummaa of keessaa qaban: geerarsa, hibboo, mammaaksa, weedduuwwan jaalalaa, weedduu daboo, kan cidhaa, weedduu asmaarii, weedduuwwan mararoo, kan ateeteefi wkf maqaa dha'amuu danda'u," jedha. Akkasumas, faayidaa afwalaloon walqabsiisee Misgaanuun (2011: 45), Zelalem (2003) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "Oromo oral poetry is one of those modes of expressions, that helps to externalize human feelings and imaginations, about love, dream, hope thoughts, aspirations, and ideas about gods, about nature, about beauty and other many things" jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kanaattis, afwalaloon Oromoo meeshaa guddaa yaada ilma namaa keessaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, abjuufi abdii fuula duraa, uumaafi uumamaa, bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroo, dhiphuufi wkf ittiin ibsachuuf kan gargaarudha.

Gama biraatiin, afwalaloon gosoota adda addaa of keessatti hammachuu nidanda'a. Kana ilaalchisuun, Finnegan (1970) afwalaloo Afriikaa gosoota garaa garaa kanneen akka: afwalaloo wallisaarratti hundaa'u, afwalaloo nama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa (sirna boo'ichaa), afwalaloo amantii, afwalaloo barbaachisummaa adda addaaf (adamoo, waraanaafi hojii), afwalaloo sirbaa (geerarsaa), faaruu namoota aangoofi hirSinaanaa siyaasaa olaanaa qabaniifi faaruufi tapha ijoollee jechuun qoqqooddee ibsitee jirti. Haaluma kanaan qorattoonni baay'een, afwalaloo Oromoo qorachuun bakka adda addaatti qoqqooduuf yaalaniiru.Isaan keessaa muraasni haala armaan gadiin ka'aniiru. Isaanis:

Afwalaloowwan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, faaruu gootummaa, afwalaloo seenaa, faaruu tiskee, faaruu ayyaaneffannaa amantii, afwalaloo qeeqaa, faruu nama beekamaafi afwalaloo dhimma hawaasadha (Sumner,1996).

Afwalaloowwan Oromoo: Afwalaloo dinqisiifannaa (galateeffannaa)fi afwalaloo nama tokko leellisu, afwalaloo gaddaa, afwalaloo hurursa daa'immanii, faaruu tiksee, afwalaloo mammaaksaafi afwalaloo barbaachisummaa addaafidha (Zelalem, 2003).

Afwalaloowwaan Oromoo: afwalaloo jaalalaa, afwalaloo amantaa (afuuraa), faaruuwwan waktiilee ibsan, afwalaloo barbaachisummaa addaa (siyaasaafi faaruu asmaarii, (Tesema, 2004).

Afwalaloowwan Oromoo: afwaloo jaalalaa, afwalaloo waraanaa (adamoo), afwalaloo seenaa, faaruu tiksee, ayyaana waaqeffannaa, afwalaloo qeeqaa, afwalaloo qabeenyaa, afwalaloo haalaafi walaloo gaggabaaboo Oromoodha (Teferi, 2006).

Yaada hayyoota kanaarra wanti hubatamu, hawaasni kamiyyuu, afwalaloowwan matasaa kan qabatu yoo ta'u, hawaasni Oromoos akkuma hawaasa kanneen birootti afwalaloowwan dhimma garaa garaaf itti gargaaraman qabachuu isaaniiti. Akka argannoo qorattoota kanaattis, qoqqooddiin isaan kaa'an baay'een isaa kan walfakkaatu yoo ta'u, bakka muraasatti garuu, garaa garummaa niqabaata.Kana malees afwalaloon amaloota garaa garaa niqabu.

### 2.5.3. Unkawwaan Gaggabaaboo

Qoqqooddiin kun bifa (unka) irratti kan hundaa'e yeroo ta'u, isaan kana keessatti adda durummaan kan ka'an kanneen akka: mammaaksaa, hibboofi wkf of keessatti hammata. Yaadrimee "unka gabaabaa' jedhu kana yaadrimee "qareeyyii" jedhu bakka buusuun, Fedhasaan (2013: 56)) yoo ibsu, "Qareeyyiin gosa afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyadudha.Yaadrimeen jechichaas, wantota bifaan gabaabbatanii sammuu namaa qaran of keessaa qaba." jechuun lafa kaa'eera.

Akka yaada kanaatti, qareeyyiin bifaan gabaabbaatanii kan dhiyaatan yoo ta'an jijjiirama amalaa sammuu dhala namaarratti fiduudhaaf gaheen isaan qaban olaanaadha. Akkasumas, qalbii dhala namaa moo'achuufi suura waan tokko sammuu dhala namaa keessatti kaasuuf humni isaan qaban daran olaanaadha.Jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsu. Gosoonni isaanis kanneen akka: mammaaksaa, hibboo, jechamaa, cigoofi arrabqareeyyiidha (Isuma, 2013). Unkawwaan gaggabaaboo kana keessas xiyyeeffannoon qorannoo kanaa mammaaksa Oromoorratti waan xiyyeeffatuuf waa'ee mamnaaksa akkataa itti aanuun haa'ilaallu.

## 2.6. Maalummaa Makmaaksaa

Hambaawwan aadaa oromoo keessaa tokko makmaaksa."Makmaaksi og-barruu dhaloota tokkorraa dhaloota biraatti afaanii afaanitti taraa jiru.''(Wasane, 2002). Makmaaksi kan har'a

ga’e afaanii afaanitti bifa taruun ta’uu yaanni olitti kaa’amee ni ibsa. Gosoota afoollaa afaaniin taran keessaa isa tokkoodha.“Haasawa tokko keessattii fakkaattii dubbii sanii gabaabsanii dhiyeessuudhaan ergaa bal’ate fi dheerate walitti qabanii karaa ittiin dabarsanidha.’’(Wasanee, 2002). Makmaaksi jechoota murtaa’oon yaada silaa ibsuuf yeroo dheeraa fudhatu kan ittiin gabaabsanii akka dhaggeeffataa galutti ibsanidha.

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa tokko ta`ee, haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin walqabsiisuun, dhimmoota hawaasa keessatti argamu kan of keessatti hammatuudha.Yaaduma kanaan kan walqabatu Addunyaa (2014:fuula.189) “Mammaaksi akkuma Afoola kanneen biro dhalootaa dhalootatti afaanin daddarbaa as ga’e. Yaada qusatamoofi udumamoo ta`an, jechoota filatamoofi himoota gaggabaaboon ibsama.Mammaaksaan dubbiis eegalanii, isumaan goolabu.” Mammaaksi jechoota humna qabeeyyiifi gaggabaaboo hubannoof salphaa ta`aniin yaada bal`aa dabarsa. Mammaaksi dubbii fida yookiin dubbii fixa yaada jedhu hammata.Akkasuama hawaasni tokko uumama naannoo isaa jiru mammaaksaan wal qabsiisee garii ittiin gorsaa, garii immoo ittiin qeeqa.

Maalummaa makmaaksaa irraatti *“proverbs are popularly defined as short expression of popular wisdom. Efforts to improve on the popular definition have not led to a more precise definition. There is in the form of a general observation about the world or a bit of advice some times more nearly an attitude towards a situation.” (Wikipedia)*

Hayyoonnii hiikkaawwan makmaaksa irratti yaalii taasisanis hiika tokkorra ga’uun rakkisaa dha.Akka olii kaa’ametti makmaaksi ibsa qaroomina dhala namaa karaa gabaabaan kaa’amedha. Qaroominni kun ilaalcha namni addunyaaf qabu yookiin gorsa gabaabaa yookaanis immo ilaalcha namni waan tokkoof qabu kan keessatti calaqqisuudha.

Makmaaksi yaada tokko karaa gabaabaan kan ittiin dhiyeessanidha. Yaada kana dubbii wajjiin walqabsiisanii yeroo baay’ee kan dhiyeessanis jaarsoliidha. “Makmaaksa yaada yookiin dubbii dheeraa hima gabaabaan mala ittiin teessisanii kaa’aniidha.”(Geetaachoo, 2015).

“Malli ittiin dubbii jabaafi dhaamsa guddaa qabu dabarsan makmaakaan.Mammaaksi dubbii jabaafi gabaaba dhaamsa dhokataafi hayyummaa of keessaa qabudha.” (Oromoo centre.com) Akkaataa hiika oliitiin mammaaksi hayyummaa kan agarsiisuu ta’uufi dubbii jabaa ergaan isaa

dhokataa ta’uu sirritti kan ibsudha. Ergaan mammaaksaa waan dhokataa ta’eef namni mammaake sun akka himu yeroo itti taasifamutu jira.

## 2.7. Qabiyyee Mammaaksaa

Mammaaksi qabiyyeewwan garagaraa of keessaa qaba.“Mammaaksi akkuma gooroowwan afaanii kan biroo bifoota akka hawaasummaa, diinagdee, siyaaasaa, haala aadaa fi kanneen biroos of keessatti ni qabata. Bifoonni kunis hiika wa’ii kan qabataniidha. Kanaaf qabiyyyee mammaaksaa jechuuun dhimma mammaaksi tokko qarqabatee deemu jechuuudha.” (Tafarii Kumsaa 2001:26).

Qabiyyeen mammaksaa hawaasa kamiyyuu biratti dhaabbataadha jechuun hin danda’amu.Hamma feetellee hawaasni kaayyoo tokko qabaatuyyuu latiinsi mammaaksaa afaan irratti hundaa’uun isaa garaagarummaa qabiyyeef sababa ta’uu mala.“Mammaaksi tokkos kan mammaakamu finnaafi haala tokko irratti ta’umsa jijjiirama qabiyyeef sababa biroo ta’uu danda’u.Kanaafuu qabiyyeen mammaaksaa iddoodhaa iddootti, yeroodhaa yerootti akkasumas waan mammaakamuufis ta’ee nama mammaakamuun jijjiramuu danda’a.” (Tafarii2006).

Walumaagalatti qabiyyeewwan mammaaksi dabarsu kan bal’ina qabaniidha. Kanneen keessaa, abdii qabaachuu yookiin abdii kutachuu,aantummaa,arjummaa,doqnummaa, gootummaa,doofummaafi oftuulummaa akkasumas bal’ina, dhiphina, gorsa, deega, gabbina, dhugaafi soba eeruun ni danda’ama.Dhimmoonni akka siyaasaa, amantaa, falaasamaakan dagatamanii miti. Kanaafuu mammaaksi meeshaa hawaasa to’atu (social control) keessatti ga’ee guddaa akka qabu beekkamaadha.

## 2.8. Akaakuu Makmaaksaa

Makmaaksonni afaan Oromoo keessa jiran qabiyyee isaanii irratti hundaa’uun bakka gargaraatti akka hiraman hayyoonni ni ibsu. “Makmaaksonni afaan Oromoo keessa jiran yeroo dubbataman kaayyoo tokkorratti hunda’aaniiti. Haasawa keessa ijoo dubbii tokko ibsuuf yookiin gabbisuuf ni makmaakama. Qabiyyeewwan makmaaksichaas hubannaa dubbicha keessatti ilaalamu qabu ibsan.Kunis wanti dubbatameef maal akka ta’e mul’isa.Fakkeenyaaf makmaaksi “Olkaa’an malee olka’anii hin fudhatan”,cimanii hojjachuun barbaachisaa akka ta’e mul’isa.“Bor hin bekneen qodaan bukoonshee lama”, qabiyyee isaatiin of eeggannoo qabaachuu dhabuu agrsiisa.

“Kan nyaatee fi kan kaate waa jalaa ba’a.” kan jedhu cimanii hojjachuu kan agarsiisudha. (Wasanee, 2002)

**2.9.Faayidaa Mammaaksaa**

Faayidaa mammaaksaa ilaalchisee hayyoonni gara garaa yaada gara garaa kennanii jiru. Haaluma kanaan, (Addunyaa, 2014) akka armaan gadiitti kaa'a:

> *Mammaaksi akkuma akaakuu afoola kaneen biroo dhalootaa dhalootatti afaaniin darba.Mammaaksaan dubbii eegalanii isumaan dubbii golabu; mammaaksaan dubbii fidanii isumaan dubbii fixu. Mammaaksi koobaa dubbiiti kan jedhamus kanumaaf. Ergaa dabarsuu barbaadameen walsimsiisuun dhimma itti ba'uuf beekumsa gaafata. Namni aadaafi eenyuummaan hawaasaa hin galleef, mammaakullee ni akkeessa malee qabiyyeen walsimsiisuu hin danda'u.*

Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnanname gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi ta’iiwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta’eef faayidaan  inni qabus hedduudha. Armaan gaditti faayidaawwan mammaaksaa kan beektonni gara garaa kaa’an keessaa isaan gurguddoo ilaalla.

### 2.9.1. Mammaaksi dubbii Miidhagsa

Mammaaksi haasaa (dubbii) bareecha. Namoonni haasaa afaaniin taasisan keessatti mammaaksa ni fayyadamu. Kun immoo akka dhaggeefataan hin nuffine taasisa.Kan malees dubbiin miidhagina akka qabaatu, hawwataa ta’uufi wanti dubbatamu sun sammuu dhaggeeffataa keessatti akka fakkii uumuu taasiisa.Kanaafuu mammaaksi koobaa dubbiiti jedhu. Sahilu (1996:59) yemmu ibsu, "The use of mammaaksa not only serves the purpose of aliening clarity of meaning but at the sometime aesthetic purpose is achieved." jedha . Yaanni kunis mammaaksi dubbiin tokko bifa ifa ta’eefi fudhatama akka qabaatu taasisu irra darbe haasaan taasiisamu sunis miidhagina akka qabaatuufi hawwataa  ta'u taasiisuu isaa ibsa.

### 2.9.2. Mammaksi Muuxannoo Ibsa

Umanni biyya tokko yookaan naannoo tokko keessa jiraatu muuxannoowwan haala qabatama jiruufi jireenya gaddaafi gammachuu baroota dheeraa keessatti dabarsan ibsachuuf mammaaksatti fayyadamu.Hubannoofi  ilaalchi ummataa kunis haala jiruu fi jireenya qabatamaa ummatichi argeefi jireenya sana itti hiikkatu irratti kan hundaa'uudha. Fakkeenyaaf, ummanni jireenya isaa keessatti barrii rakkoo ykn gadadoo yoo mudate, walitti bu'iinsi garagaraa yoo jiraate rakkoo sirna biyyattiin ittiin bultu waliin walqabatee uumamuu fi kan biraatis muuxannoo gara garaa jireenya dabarse keessatti arge dhaloota boruutiif kan ittiin dabrsuudha. Yaada armaan olitti ibsame kana Meider (1997:89) akkannati ibsa, "Proverbs are the oldest collection in the history of human kind" jedha.Yaanni isaa kuni, mammaaksi seenaa hawaasaa durii waliin hidhata akka qabuufi kuusaa waan durii akka ta'e ibsa.

### 2.9.3. Mammaaksi Dubbi Gabaabsa

Mammaaksi jalqaba jidduufi xumura haasaa irratti dhimma itti bahama.Kana malees, muuxannoo ummataa kanneen dhugaa ta'anii fi dhugaatti fakkeeffaman yaada bal'aa ta'ee dhiyaatu gabaabsanii fi cunfani kaa'uuf itti fayyadamu. Haaluma walfakkaatuun Miruka, (1994:47) faaydaa mammaaksaa  akka ibsetti, "A proverb is a terse compact, Pitney statement of popular wisdom accepted as an expression of truth" jechuudhaan ibsa. Kanaafuu faayidaalee mammaaksaa keessaa inni tokko yaada bal'aa ta'e tokkoo himoota gaggabaabotti fayyadamuun yaada cuunfame ykn walitti qabame karaa salphaa ta'ee fi hubatamuu danda'uun dabarsuudha.Seenessonni baay'een isaani mammaaksaan ergaa qaban himoota gaggabaabootiin walitti qabani kaa'uudhaan akka xumuran dubbata.

### 2.9.4. Mammaksi Dudhaa Kabachisa

Mammaaksi hawaasni tokko safuu, aadaa fi duudhaa isaa kan ittiin kabachiifatuufi ittiin walsirreessuudha. Kanaafuu, mammaaksi meeshaa ittiin ummanni tokko walgorse, jajjabeesse, akeekkachiisee, qeeqeefi ifate haasaa bira qabuun dubbatee gara aadaa, safuufi duudhaa qabutti waldeebisuuf walkabachiisuudha. Fakkeenyaaf mammaaksa, "Afaan gaariin afaa gaarii caala" jedhu, keessatti gaarii (waan tolu) dubbachuun kan hunda caalu ta'uu ibsa. Kunis, hawaasa biratti waan gaarii dubbachuu fi hojjechuun fudhatama qabaachuu; yaraa hojjechuun immoo bayeessa akka hin taane ibsa.

### 2.9.5. Dubbii Fiduufi Dubbii Fixuu

Mammaaksi haalaa fi yeroo dubbatamu keessatti dhimma garagaraatiif oola.Kunis dubbii tokko jalqbuuf ykn xumuruuf mammaaksatti dhimma bahuu dandeenya. Dhimma kana ilaalchise Finnegan, (1970:339) akkas jechuun ibsiti, "Society in which there is marked latent conflict or in which there is a particular need to regulate formalized conflict, that proverb by play an especially large part." Yaanni hayyuu tana irraa hubannuu ummata keessatti walitti bu'iinsi cimaan haala garagaraatin yoo uumame fakkeenyaaf, rakkoo yeroo dheeraa hawaasa keessatti ture ykn fedhii garagaraatiin yoo walitti bu'an, walitti bu'iinsa kana gabaabsani haala salphaa ta'een hiikuuf mammaaksi shoora guddaa taphata. Gabaabumatti, walitti bu'iinsi ummata keessa ture karaa gabaabaaa ta'een hiikuuf ykn gabaabsani furmaata laachuuf mamaaksi gahee guddaa taphata. Fakkeenyaaf, mammaaksi Oromoo "mammaaksi dubbi fixas dubbi fidas jedhu yaada Finnegan kana deeggara.

### 2.10. Mammaaksaafi Hawaasa

"Mammaaksi kan jiraatu kophaa isaa akka hin taaneefi hawaasa keessa jiraatee sammuu namootaa, aadaa, seenaa, amantaafi barsiifata hawaasaa jajjabeessuuf, dhugoomsuuf, barsiisuuf akka gargaaru," Misgaanuun (2011:48) irratti ni dubbbata. Kanaaf mammaksi jireenya hawaasaa keessatti tajaajilaafi hiika yaad-rimee dhimmoota barbaachisoo ta'an akkasumas dhimmoota adda addaa irratti ilaalchaafi aadaa hawaasichaa ibsuu isa dandeessisu niqaba.Fuula 49irratti dabalee yommuu dubbatu, "Mammaaksi qajeelfama waliigaltee hawaasa tokkoo keessatti fudhatama qabuufi yaada jireenya dhala namaafi ilaaalcha addunyaa wajjin kan walsimuudha."

Walitti dhufeenya hawaasaafi maammaksaa ilaalchisee, irratti yoo ibsu mammaaksonni waa'ee aadaa saba mammaksichatti dhimma ba'u yommuu ibsan gariin immoo seenaa hawaasichaa ibsu.Kan caasaa walitti dhufeenya hawaasichaa wajjin uumuun: gitaan, saalaan, dhimma dubartootas ta'ee ijoolleef haaala jireenya hawaasichaa ibsanii jiru. Mammaaksi sammuu namaa keessatti qophaa'a. Kunis mammaaksaafi hawaasni kan adda hin baane ta'uu agarsiisa.

Akka aadaa Oromootti mammaaksatti kan dhimma ba'u namoota umriii gurguddoo ta'anii fi saala dhiiraa ta'aniidha.Kana jechuun seerri namoonni biraa mammaaksatti hin fayyyadaman jedhu jira jechuu miti. Iddoo yookiin haala barbadametti mammaaksatti fayyadamuu akka danda'aniidha.

## 2.11. Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Namoonni garagaraa mata duree qorannoo kanaan waliin walitti dhufeenya qaban irratti hojjatan nijiru. Fakkeenyaaf qorataan Sayida Mahammad (2016), mata duree "qaaccessa mammaaksota Oromoo dhimmoota dinagdee irratti mammaakamanii" jedhu irratti kan qorannoo gaggeesse yoo ta'u mata duree kanaan kan walakkaatuu dha; haata’u malee, qorannoo kana irraa wanti adda taasise, iddoo itti gaggeeffaame Godina Baalee irraa adda ta’uufi godina Jimmaati irratti xiyyeeffachuu isaati.

Qorataan biroo Tadesse (2004) mata duree "Social Function of Oromo proverbs" kan jedhu irratti qorannoo kan gaggeese yoo ta'u qorannoo kana irraa wanti adda godhu, mammaaksota hunda galeessa ta'n ergaafi mata duree adda addaa irratti mammaakaman irrati xiyyeeffata. Qorataan kun faayidaa mammaaksi hawaasaaf qabu irratti kan xiyyeeffatuufi mammaaksota Oromoo dhimmoota dinagdee irratti mammaakamanii kan hin kaasne yammuu ta'u, qorannoon kun garuu mammaaksota Oromoo dhimmoota dinagdee irratti mammaakamanii gadii fageenyaan qaaccessuurratti waan xiyyeeffatuuf adda isa taasisa.

Qorattuun Yawayinxajji Daamxoo (2016), mata duree “Qaacceessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartoota Ibsan:” jedhu irratti qorannoo kan gaggeessite yoo ta'u, qorannoo kana waliin wal hin fakkaatu. Haata’u malee wantii qorannoo kanarraa adda taasisu akka waliigalaatti Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartoota Ibsan mammaakaman irratti xiyyeeffata. Qorannoon kun garuu mammaaksota Oromoo dhimmoota dinagdee irratti mammaakaman ibsaniif iddoo laata. Xiyyeeffannoonis isuma kanaa.Akka waliigalaatti hojiileen armaan olitti dhiyaataniifi qorannoo kana walbira qabnee yoo ilaallu isaanis mammaaksa irratti xiyyeeffachuun isaaniis walfakkeessa. Kan qorannoon kun ittiiin adda ta'u garuu qaaccessa mammaaksotaa dhimmoota dinagdee irratti mammaakamanii qofa fudhachuudhaan kan xinxalamee ta'uu isaati. Kallattiidhaan kan dhimma kana ilaalee qorannoo Faajjii lammaa yoo ta’uu irraawwatamn isaa irraawwatama qorannoo kanaan adda dha.

## BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHA

### 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee mammaaksa Oromoo dhimma diingdee irratti xiyyeeffatan haala godina baalee aanaa sinaanaa qaaccessuudha. Qorattuun kun ragaalee argaman qaaccessuuf mala akkamtaatti fayyadamtee jirti. Kunis ragaaleen mammaaksota Oromoo diingdee irratti xiyyeeffatan funaanaman qaacceeffamuuf jechaan ibsuun waan barbaachisuf mala kanatti fayyadamuun yaadota kaan balinaan qaaccessuuf itti gargaaramtee jirti. Qorannoon akkamtaa qabiyyee makmaaksa Oromoo dhimma diinagdee agarsiisan xiinxaluu keessatti ragaawwan karaa garaagaraatiin sakattauuf mijataa ta'efi jira

Kana gochuuf immoo saxaxa qorannoo akkamtaa (qualitative research design) fayyadamuun qorannoo kana gaggeessuuf filatamaa ta'e argameera. Sababni isaatis odeeffannoo qorannoo kanaaf sassaabame lakkoofsan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaaccessamu waan ta'uufidha. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaa qorannoo kana keessatti qorannoo akkamtaa (qualitative research design) fayyadamuun odeeffannoon sassaabame mala qorannoo ibsaatiin (descrptive method) gadi fageenyaan ragaan deeggaramuun qaaccessameera.

### 3.2. Irraawwatama

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu irraawatama qaba. Irraawwatamni kunis namootaafi dhimmota qorannoon sun irratti gaggefameedha.Kanaaf irraawwatamni qorannoo kanaa maanguddoota hawaasa Godina Baalee aanaa Sinaanaa gandoota Saanbituu, Iluu, Alaagee, Salqaafi Hawushoo jiraataniifi mammaaksoota dhimmoota diinagdeerratti mammaakamaniidha.

### 3.3. Iddattoofi Tooftaa Iddateessuu

Qorannoo geggeessuuf iddattoo filachuun waan hinoolleedha.Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatameera.Odeefkennitoota qorannoo kanaa murteessuuf qorattuun mala iddatteessuu miti-carraa keessaamala iddatteessuu akkayoofi mala iddatteessuu eerumsaa fayyadamteera.

3.3.1. Iddatteessuu Akkayyoo

Qorattuun qorannoo kanaa gosoota mala iddattoo miti carraa keessaa mala iddatteessuu akkaayyoo fayyadamteetti. Sababni isaas malli kun namoota kallattii gara garaatiin dhimmi mammaaksoota diinagadee irratti mammakaman waliin walitti dhufeenya qaban irraa odeeffanno gaarii argachuuf kan nama dandeessisudha. Odeefkennitonni mala itti yaadeetiin argamanis hojjattoota wajjira aadaafi tuuriizimii aanaa Sinaanaa jaha (6) mala kanaan filatamaniiru. Hojjattoonni kunis namoota yookiin maanguddoota gandoota aanaa Sinaanaa keessaa dhimma afoola Oromoo gadi fageenyaan beekan akka eeraniif kan gargaaraniifi akka waajjira aadaafi tuuriizimii aanaatti kan odeeffannoo kennaniidha.

3.3.2. Iddatteessuu Darbaa Dabarsaa

Malli iddattoon qorannichaaf ittiin filatame inni biraan mala iddatteessuu eerummaati. Malli kun irra caalaa kan filatameef qorattuun namoota afoola Oromoo bal'inaan beekaniifi namoota yeroo dheeraaf hawaasa kana keessa turan irraa odeeffannoo bal'aa kennan kan argattu mala kanaan waan ta'eef mala kana filatteera. Mala kanaaan namoonni naannoo sana jiraatan namoota afoola bal'inaan beeku jedhaman bira dhaqamee odeeffannoon irraa funaanameera. Kanaafuu, malli kun iddattoowwan muraasa odeeffannoon irraa argamu argachuuf mala filatamaa ta'eera.
Manguddoota naannoo jiran keessaa mamguddoota mammaaksota Oromoo dhimma Diinagdee ilaalatan gadifageenyaan beekan maanguddoota 14 (Kudha afur) filachuun, tokko tokkoo maanguddoota kanneen bira ga'uun odeeffannoon kan irraa funaaname mala eeruutiinerga filatamanii booda afgaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo fayyadamuudhaani.

## 3.4. Meeshaalee funaansa ragaa

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu afgaaffiifi marii garee xiyyeeeffannootiin kallattiidhumaan hawaasa keessaafi dookumantii dhimma kanarratti barraayerraa funaanamera.

3.4.1. Afgaaffii

Namoonni qabiyyee makmaaksa Oromoo dhimma diinagdee agarsiisan irratti odeeffannoo akka filatame keessaa isa tokkodha. Malli odeeffannoon ittiin funaanamu kun mala warra kaanirra

filatamaa ta’ee odeeffannoo funaanuuf ittiin dhimma bahameera. Qorattuun kana buu’ura godhachuudhaan, yaada odeefkennitoonni kennan irratti hundooftee gaaffilee biroo gaafaachuun yaada dabalataa argatteera. Haala namoonni odeeffannoo kennan sun keessa jiran irratti hundaa’uunis gaaffilee fooyyessiteefi yaada isaanii irratti hundaa’uun gaaffilee biraa gaafattee odeeffannoo bal’aa argachuu dandeesseera. Kanaafuu, malli kun qorannoo akkanaatiif mala filatamaa ta’ee faayidaarra ooleera.

Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorattuun jalqaba gaaffilee qorannoo isheetiif deebii naaf kennu jettee yaadde qopheeffatteera.Gaaffileen qophaa’an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uu isaanii keessa deebitee erga mirkaneeffattee booda bakka qorannoo isheetiif odeeffannoo irraa funaannattu deemte. Bakka sana erga geessee boodas maanguddoota naannoo sanaa akka eeraniif gaafachuudhaan manaa manatti deemtee haala mijata erga uumte booda guyyaa adda addaatti marii gareefi afgaaffiidhaan odeeffannoo irraa sassaabbatteera. Odeeffannoon haala kanaan funaanamees yeroo isaan deebii kennan kaasettiitti waraabamee kan qophaa’ee ta’ee sana booda sagalee kaasseettii waraabameerraa dhaggeeffachuun qaaccessa taasifteera.

Akkasumas, Hojjattoota waajjira aadaafi tuuriizimii aanaa Sinanaa irraayis bifuma kanaan odeeffannoo sassaabbatteera. Sanaan booda, maanguddootafi hojjattoonniwaajjira aadaafi tuuriizimii aanaa Sinaana irraayis mala afgaaffii kanaan odeeffannoon funaanameera.Haaluma kanaan, odeeffanno argame qulqulleeffachuuf yaada isaan mariidhaan irratti waliigalan yaadannoodhaan qabachuun qaacceffamee odeeffannoo irraa argame walbira qabuun qaacceeffameera.

### 3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Qorannoo kana keessatti mariin garee ragaa funaanuu keessatti akka meeshaa tokkootti funaansa raga hojii irra ooleera. Qorattuun odeefkennitoota marii garee irratti hirmaatan 14 (Kudha afur) maanguddoota dhiraa 10 (kudhanii)fi maanguddoota dubartii/haadhoolii 4 (afur) mala darbaa dabarsaatiin (eerumsaan) erga filatte booda, tuuta marii garee lama namoota torba torba ofkeessaa qabu wajjiin marii taasisuun odeeffannoo funnannatee jirti. Odeeffannoo yaada hirmaattoota marii garee irraa kennamu dhaggeeffatee yaadannoo qabachuunifi sagalee waraabbachuun odeeffannoo qulqulluufi qorannoo isheetif barbaachisu funannatteera.

### 3.4.3. Sakkatta'a Dookumentii

Adeemsa orannoo tokko gaggeessuu keessatti, tooftaa qorannoo sana fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaneessuf kitaaba, galmeefi barreeffamoota adda addaa dhimma mammaaksoota diinagdeen walqabatan irratti barraa'an waajjiraa Aadaaf Turiizimii aanichaatti olkaa'amanii jiran sakatta'uun odeeffannoon funaanameera.

## 3.5. Maleenya Qaaccessa Ragaalee

Malli qorannoo kun ittiin qaacceffame mala akkamtaati. Kana jechuun mala odeeffannowwan afgaaffii, marii gareetiifi sakatta'insa dookumantiin argaman gadi fageenyaan xiinxalamanii hiikni itti kennama waan ta'eef qarattuun mala kanatti gargaaramtee odeeffannoowwan karaa garaagaraan walitti qabaman qaaccesitee jirti. Ragaaleen qorannoo kanaaf funaanamanis akaataa walfakkeenya isaaniitiin bakka adda addaatti erga addaan bahanii booda qaacceffamanii dhihaataniiru.

Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu erga funaanamee boodas bakka adda addaatti qoqqoodamuun ibsamee dhihaateera. Yeroo qoqqoodamus bifa tokko qofaan osoo hintaane bifa garaagaraatiin akkaataa waitti dhiheenya isaaniitiin ilaalamanii qoqqoodamaniiru. Odeeffannoowwan afgaaffii, marii gareefi sakatta'insa dokumantiin funaannaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaanitiin walitti guuramanii ibsamaniiru.Ibsi itti kenname kunis haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii waliin ka'uun qaacceeffamnii taa'aniiru.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO FUNAANAMEE

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoo gaaffilee bu'uuraa boqonnaa tokko keessatti ka'aniifi deebii argachuuf kaayyoo qorannichaa mirkaneessuuf ragaaleen odeef-kennitoota irraa af-gaaffii, sakata'a dookumantiifi marii gareen funaanaman walduraa duubaan mala akkamtaa gargaaramuun qaacceffamaniiru. Akkataan itti qaacceffamanis, mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee garagaraa haala walfakkeenya isaaniitiin gurmeesuun qoqqoodhamanii ergaan isaan qaban xiinxalamee gooreen qaacceffamaniiru. Haaluma kanaan meeshaaleen odeeffannoowwan ittiin funaanamanirratti hundaa'uun odeeffanno owwaan funaanaman qoqqoodamanii duraa duuba isaanii eeggachuun akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru

**4.1. Qaaccessa Qabiyyee Mammaaksota Dhimma Dinagdee irratti Mammaakaman**

Mammaaksi Oromoo waan baay'ee kan ibsuufi gama baay'eetti hiikamuu kan danda'udha. Akka hawaasa keessa deemuun funaanametti mammaaksi hawaasa Oromoo cirracha galaana keessaati; waraabamee hin dhumu.Mammaaksi hawaasa Oromoof Aadaa, duudhaa, amantaa, safeeffannaa, ilaalchaafi gorsa isaa dabarsee kan ibsudha. Aadaa hawaasichaa bifa afaaniin daddarbuun dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanutti kan darbudha. Akkasumas, gahee dhaloota boodaa gara fuula duraatti qabatee deemuu niqaba.Dhimma diinagdeen walqabatee mammaksoonni mammaakaman hedduudha. Mammaaksoota dhimma diinagdeen waqabaturratti mammaakaman muraasa yoo ilaalle, "Fira qabdaa jennaan rakkadhee hin argine jedhe" mammaaksi jedhu kunni firri kan nama jaalatu yoo qabeenya qabaatan akka ta'e kan agarsiisu yoo ta'u; namni qabeenya hin qabne tokko yoo jiraate waan ittiin jiraatu nu gaafata/nu kadhata yookiin liqaa nugaafata jedhanii waan yaadaniif namni qabeenya hinqabne akka hin jaalatammne agarsiisa. Mammaaksonni dhimma dinagdee irratti mammaakaman hawaasicha bira deemuun funaanaman tokko tokkoon isaanii akka kana gadiitti qaacceffamaniiru.

## 4.1.1. Mammaksoota Diinagdee cimsuu mul'isan

Hawaasni Oromoo mammaaksa dhimma garagaraatiifitti fayyadama.Haaluma kanaan mammaaksonni cimina namootaa diinagdee horachuf qaban ibsan hawaasa keessatti akka jiraniifi ragaan rag-himtootarraa argame ibseera. Mammaaksoonni odeefkennitootarraa

funaanaman akka armaan gaditti qaacceeffamanii jiru.Mammaaksoota odeefkennitootarraa argaman keesaa muraasa isaani yoo ilaalle

"Baraan barruu horan" mammaaksi kun kan agarsiisu namni tokko qabeenya kan horachuu danda'u obsaafi dafaqa isaatiin yeroo dheeraa keessatti akka ta'e agarsiisa. Kunis namni tokko loon yoo qabate isaan tiksuun, kunuunsuun, hanga hormaataa gahaaan waajjiin dhama'ee yomuu loon isaa dhalaan qabeenyi isaa dabalaa akka deemu mammaksi kun ni hima. Kanumaan walqabatee mammaaksi

"Hojjatan malee hin nyaatan jette indaaqqoon lafa qottee" jedhus qabeenya horachuufis ta'e jiraachuuf hojjachuun murteessaa akka ta'e agarsiisa.

"Uran malee buqqeen bishaan hin lixu," jechuun mammaaksi mammaakame kun hojjatan malee diinagdeen horachuuu akka hin dandeenye ibsa. Kana jechuun namni hojjate diinagdee horachuu akka danda'u kan agarsiisu yoo ta'u, hojii malee qabeenya argachuun akka hin danda'amne agarsiisa jechuun odeefkennitoonni ganda Saanbituu Obboo Guutaa Wayyeessaa gaafa guyyaa 22/08/2014 kennen addeessera.

Mammaaksoonni kanatti aananii ibsaman ammo qusannaan hammam tokko murteessaafi barbaachisaa akka ta'an agarsiisu. Mammaaksi inni jalqabaa;

Mammaaksoonni biro dhimma diinagdeerratti mammakan jiru mammaaksoonni kun hawaasa Oromoo biratti gorsuun beekkamu. Kanneen keessaa "Kutatan malee kutaa hin uffatan" kan jedhu diinagdee qabaachuuf xaariin baay'een akka nama muudatu kan himu yoo ta'u bakka barbaadan yookiin sadarkaa diinagdee barbaadanirra gahuuf kutannooniifi murannoon barbaachisaa akka ta'e gorsa kenna. Mammaaksoonni mammaaksa kanaan fallaa kan gorsa namaa kennu ammo mammaaksota;

"Argachuufi dhabuun gurraafi gurra" kan jedhu isa tokko yoo ta'u nama qbeenya argatee dhabe tokko akkuma diinagdee argachuun jiru dhabuun nijira; yookin dhabunis argachuunis jireenya namaa keessatti walfaanaa kan deemu walqixa ta'uu isaan kan agarsiisu yoo ta'u, mammaaki nama qabeenya argatee dhabe tokko hin gaddin akka qabeenya kee kana dhabdeetti deebitee ni argata jedhanii dubbii gabaabsaani gorsuuf mammaaksi akka taajaajiludha jechuun

odeefkennitoonni H/Aadam H/Kaddiriifi Obboo Huseen Jafer gaafaa guyyaa 22/08/2014 ibsa kenniiru.

#### 4.1.1.1. Mammaaksoota abshaalummaa diinagdee horachuu agarsiisuun

Namoonni tokko tokko qabeenya horachuudhaan cimina qabaniin hawaasa keessattii abshaalummaadhaan akka beekamman ragaan odeefkennitotarraa argamae ibseera. Haaluma kanaan namoonni kunniin qabeenya horachuuf jiruufi jireenya isaanii keessatti rakkoo isaan qunname malaafi ciminaan akka furuu danda’an ragaan odeefkennitotarraa argamee mirkaneesseera. Mammaaksonniifi yaannii bal'aan armaan gadiitis gaafa 05/07/14 afgaaffii ogeetti Aadaafi Turiziimi Addee Caaltuu Geetachoo waliin taasiifameen argameedha. Akkasumas sakatta'a galmeefi kitaabilee gara garaa irraa kan argamaniidha. Nama tokko mammaaksa fayyadamanii yommuu cimina isaa ibsan.

Mammaksoonni “Boolla gaafa beelaa halkan banu” fi “qabaachuun qalbii faana” jedhan lamaan qabiyyeen isaanii abshaalummaa qabeenya ofharkaa qaban seeraan itti fayyadamuun akka nuurraa eegamu kan nu barsiisaniidha. Ergaan mammaaksa jalqabaa wanti qusatan tokko guyyaa rakkootiif akka nama fayyadu kan ibsuu yoo ta’uu mammaksi inni lammataa ammoo waan bu’aa irraa argaachaa jiran tokko hamma bu’aa keenya sana gutumaan guututti irraa arganne fayyadamnuutti balaaleeffachuun ykn bu’aa ofii addan kutanii dhiisuun hanqina akka ta’e ibsi odeefkennitootaa Aaddee Maammitee Kabadaafi Aaddee Leensaa Lalisaa agfaaffii guyyaa 25/08/2014 niaddeessa.

Mamaaksoota “Kunuu nyaata jette niitiin damma arrabdee” fi mammaksa “Allaffatan malee mi’aa hin beekan” jedhan lamaan kun dhimma abshaalummaa diingdee horachuun walqabatee jiru agrsiisuuf kan mammakamaniidha jedhu jaarsooliin ganda Sanbituu Odeeffannoo kennan. Kunis mammaksa jalqabaa keessatti ergaan darbee qabeeyi argatte(dammi arrabde) gahaa ta’uu baatus waan ishee barbaachisuuf osoo hin tuffatin kan fudhatte ykn horatte ta’uu agarsiisa. Mammaksi inni lammafaa ammoo faay’idaa qabeenyaa yoo itti ifaajan malee yookiin rakkoofi dararama yoo itti argan malee diinagdee ykn qabeenya ofharkaa qaban faayidaan isaa akka hin hubatamne kan barsiisu akka ta’ee irraa hubatameera.

“Jabbiin hootu hin mar’attu” jedhan lamaan qabiyyeen isaanii abshaalummaa qabeenya ofharkaa qaban seeraan itti fayyadamuun akka nuurraa eegamu kan nu barsiisaniidha. Ergaan mammaaksa jalqabaa wanti qusatan tokko guyyaa rakkootiif akka nama fayyadu kan ibsuu yoo ta’uu mammaksi inni lammataa ammoo waan bu’aa irraa argaachaa jiran tokko hamma bu’aa keenya sana gutumaan guututti irraa arganne fayyadamnuutti balaaleeffachuun ykn bu’aa ofii addan kutanii dhiisuun hanqina akka ta’e ibsi odeefkennitootaa Aaddee Maammitee Kabadaafi Aaddee Leensaa Lalisaa agfaaffii guyyaa 25/08/2014 ni addeessa

Walumaagalatti hawaasa Oromoo biratti mammaksoonni gosa adda addaa miseensi hawaasa Oromoo hundi diinagdee yoomuu horatu, kan horate seeraan akka qabatufi seeraan akka itti fayyadamu abshaalummaa akka qabaatu kan itti barsiisu, ittiin gorsu mammaksootatti akka fayyadamu qaaccessa armaan oliirraa hubatameera.

#### 4.1.1.2. Mammaaksoota qabeenya horachuuf ifaajuun barbaachisaa akka ta’e agarsiisan

Mammaaksi ogafaan uummata Oromoo biratti bal’inaan beekaman keessaa isa tokkodha. Mammaaksi yaadawwan adda addaa bifa gabaabinaan himoota gaggabaaboofi jechoota filatamootti fayyadamuun ergaa bal’aa kan dabarsu ta`uu isaa beektonni irra deddeebi’uun ni’ibsu. Namoonni miira walii kakaasuuf mammaaksatti fayyadamu.

Qorannoo kana keessatti qorattuun mammaaksi diinagdee hoarchuuf dadhabuun barbaachisaa akka ta’e mata duree kana jalatti ummanni Oomoo mammaaksaan akkamitti ibsachaa akka jiru hubachuuf qaama hawaasaa garagaraa waliin Caamsaa 22/2014 marii garee taasisuun odeeffannoo argatte akka armaan gaditti qaacceesitee jirti.

Mammaksoonni sadan itti aananii dhihaatan kunniinis ummata Oromoo biratti abshaalummaa qabeenya ykn diinagdee horachuun walqabatee bal’innan kan hubataman yoo ta’uu ergaan qabiyyee isaani akka itti aanutti qaacceefameera. Mammakksoonni “Qabnaan harkaa yoo qabaatan”, “Soqollattee (Hojjattee) ciifte nyaatte” fi “Sooranii nyaatanii sooraman” yoo ta’an ergaan mammaksa isaa jalqabaa qilleessarratti nanqaba jedhanii ofgowwomsuun barbaachisaa akka hin taane kan irraa hubatamu yoo ta’uu, ergaan qabiyyee mammaksa isa lammaffaa ammoo abshaalummaa nama osoo irraa hin beekkamin ykn osoo oftulummaan irraa hin mul’atiin qabeenya horatee tokko kan agarsiisu yoo ta’uu qabeenya horachuuf waataffuuchaan akka hin

barbaachifne barsiisa. Mammaksi inni dhumaa ammoo wanti itti ifaajanii horatan dhumarratti hirkoo namaaf akka ta'u kan nama barsiisu akka ta'e irraa hubachuun danda'ameera.

Mammaaksoota odeefkennitootarraa funaanaman keessaa inni jalqabaa "Kutatan malee kutaa hin uffatan" kan jedhudha. Mammaksi kun kan mammaakamu qabeenya yookin diinagdee qabaachuuf hawwan argachuun kutannoodhaan dafqanii argachuun akka barbaachisu ni hubachiisa. Hojii sodaatanii qabeenya horachuun akka hin danda'amne agarsiisa. Gama biraatiin namni uffatee miidhagee deemuuf jalqaba qabeenya qabaachuu qaba qabeenyi kun ammoo kan argamu ifaajee guddaadhaan akka ta'e odeefkennitoonni addeesaniiru.

Mammaksi inni lammaffaa dhimma kanaan kallatiin walitti hidhata qabu "Fardi hamma nyaate fiiga" kan jedhu yoo ta'u; mammaaksi kunis namni tokko diinagdee qabuun olitti waan barbaade raawwachuu akka hin dandeenye agarsiisa. Kunis namni diinagdee horachuuf daran ifaaje qabeenya gahaa argachuu kan danda'u yoo ta'uu kan hamma irraa eeggamu hin ifaajun garuu humna isaatii ol hiixachuu akka hin dandeenyee agarsiisa.

Mammaaksi inni biroo diinagdee qabaachuuf cimanii hojjachuun kan nama hundarraa eegamu akka ta'e kan agarsiisu ammo mammaaksa "Finiinsan malee sibiillii udaan hin ba'u" isa jedhamee mammaakamuudha. Mammaaksi kun kan ibsu hojii cimanii hojjatan yoota'uu fiinsuun nuffii tokko malee itti ejjatanii yoo hojjatan qabeenya argamuu akka danda'u ibsa jeechuun odeefkennitoonni ibsanii jiru. Gama biraatiin mammaaksi "Harkaa hin taa'in jette garbittiin" jedhu kunis qabeenya yookin diinagdee argachuu yoo barbaadde hojjadhu jechuu akka ta'ees hubchuun akka denda'amu ofeefkennitoonni yaada marii garee guyyaa 22/08/2014 taasifameen ibsanii jiru.

Dabalataan mammaaksoonni "Eelanitti eelee dhaabbatu", mammaaksoota hojjiin qabeeya horachuuf diinagdeen badhaadhuuf murteessaa akka ta'eefi diinagdee gahaa qabaatan malee miidhaganii nama kaaniin wajjiin walqixa jiraachuu yookiin dorgomuu akka hindanda'amnee kan agarsiisan akka ta'e qabiyyeen mammaaksoota kanaa akka ibsu odeef keennitoonni marii garee fi afgaaffii odeeffannoo guyyaa Eblaa 22/08/2014 fi 25/08/2014 sassabameerraa hubachuun danda'ameera.

Walumaagalatti mammaaksonni oromoo diinagee horaachuuf hojjachuun murteessaa akka ta'ee fi yoo hojiidhaan hindadhabne diinagdee horachuun akka hindanda'amne mammaaksaan akka ibsatu odeefkennitoonni ibsaa kannanirraa hubachuun danda'ameera.

### 4.1.1.3. Mammaaksoota kabaja qabeenyaa agarsiisan

"Kan mana qabu mala hin dhabu,"mammaaksi jedhu kun qabeenya yoo qabaatan rakkoo jalaa bahuuf karaan salphaa akka ta'eefi yoo qabaeenya hin qabaatiin rakkoon akka namatti ulfaattu agarsiisa. Dabalataan mammaaksi kun qabeenyi abdii akka namaa kennu nama hubachiisa. Mana keessa jiraatan qabaachuun aara galfii yookaan boqonnaa tokko akka namaaf kennu nu hubachiisa.

"Abbaan loonii dhoqqee hin xireeffatu,"jedhama. Akka mammaaksa  kanaatti, qabeenyi ofii yoomillee kabaja ofiiti malee nama akka hintuffachiisne eera. Namni waan kan isaa akka hin tuffannee namaatti agarsiisa. Kabaja isaa gad hin buusu jechuudha. Akkasumas mammaaksi biraan "Godaa mannaa godoo ofii wayya jette haftuun" Mammaaksa kana irraa kan hubannu kan koo waan jedhan akka wabii namaaf ta'u eera.Haftuun jechuun dubara hin heerumnedha. Isheen illee mana maatii ishee keessa yemmuu jiraattu abbaa qabeenyummaan itti hin dhaga'amu jechuu jedhama,fi "Farda bilbilatu miidhagsa" kkf kabaja diinagdee kan mul'isu akka ta'e odeefkennitoonni ibsaniiru.

Kana waliin wal qabatee mammaaksi "Mana ormaa bareedaarra, godoo ofii wayya," jedhus ni jira. Akka kanattis, manni ormaa hangam yoo miidhagellee hanga  kan ofii caccabaa akka hin geenye eera. Kanaafuu, qabeenyi ormaa yoomillee nama hin boonsu; kan ofii qabantu kabaja namaa kenna.

Mammaaksonni nama qabeenya hin qabne tuffachuuf mammaakamanis ni jiru. "Hiyyeessaaf hinqalani kan qalame nyaata," jedhama.Namni qabeenya hin qabne hiyyeessa jedhama.Hiyyeessi bakka kamittiyyuu kabaja akka hin qabne namatti ibsa.Hiyyeessaaf bakka taa'umsaa hin qabu.Dursi hin kennamuuf, osoo uffataafi qabeenya qabaatee garuu kan isaa dursee waamamuufi bakka taa'umsaa argatu hin jiru. "Hiyyeessa irraa liqeeffachuu mannaa sooressa kadhachuu wayya," jedhama. Kunis nama qabeenya hin qabne tuffachuu agarsiisa. Namni hiyyeessi namaa liqeessuu hin danda'u; yoo liqeesses boqonnaa nama dhorkata. Kana irraa ka'uun hiyyeessa irraaliqeeffachuun akka hin barbaachise hima.Kanaafuu, kun namni qabeenya hin qabne hangam

akka bakka hin qabne hubachiisa.Itti dabalees, “Hiyyeessi har’aa quufeen bulaatti duutee bulti,” jedhama.Hiyyeesi gaafa argate nyaatee gaafa dhabe ammoo hagabuu bula.Mammaaksi kunis tuffii hiyyeessaaf qaban irraa ka’e kan mammaakamudha.Kana malees, “Billaachi ofiifuu hin qabduu dhagaattiuwwifti,” jedhama. Akka mammaaksa kanaattis, hiyyeessa tuffachuu agarsiisa.Namni qabeenya hin qabne ol hiixachuu hin qabu jechuun tuffata.Garuu, namni dhabeef waan tokko hirmaachuu hin danda’u jechuun hin danda’amu ture.Akkasumas, mammaaksi tuffii hiyyeessaa agarsiisu, “Mataa hiyyeessaatti haaduu baru,” jedhama.

Akka mammaaksa kanaatti, namni hojii rifeensa haaduu yookaan muruu hin beekne kan hiyyeessaa irratti sirreessuu eegalu eera. Kunimmoo, tuffii hiyyeessaaf qabanu irraa ka’uun kan raawwatamuuf mammaakamudha. Namni qabeenya hin qabne kabajaafi bakka akka hin qabne hubachiisa.

Hiyyeessi yoo beela’e irraa hafaa adda addaafi daaraa yoo dhabe kan nama irraa hafe moofaa akka uffatu eera. Kun ammo nama tuffachiisa. Kanneen irraa kan hubannu, hiyyeessa ta’uu akka hin barbaachifnee hojjechuu akka qabu barsiisa. Qabeenyi hangam akka kabaja namaa kennuus mammaaksonni hubachiisan ni jiru.Mammaaksonni akka kanaa namni qabeenya ilaalchafi kabaja guddaa akka qabu nama hubachiisa.

Mammaaksi Oromoo yaada kana ibsu, “Ijoollee sooressaa dhungachuun gabbarsuu fakkaatti,” jedhama. Mammaaksa kana irraa kan hubannu, namni ijoollee sooressaa ofiitti qabu akka waan inni jara sanaaf gad jedhee buluu fakkeessa. Qabeenya qabaachuufi dhabuu addaaddummaa guddaa uuma.Sababa kana namni qabeenya  hinqabne kan isa qabeenya qabuu daa’ima isaa yoo dhungate akka waan kabaja isaa buusee jara sana gabbareetti ilaalama.

“Mallaqni hidda dhiigaati!” jedhama.Mammaaksi kunis qbiyyeen qabu jireenya tokko gaggeessuuf maalaqani baay’ee barbachisaa akka ta’eedha. Kana malees lubbuu qabeeyyiin tokko dhiiga malee sochoo’u akka hin dandenyee qabeenya malees jiruu ofii gaggeessuun ulfaattaa akka ta’eefi kabajni akka barbaachisu kan ibsudha.

“Dhabaaf malee fooniif nu uume”jette sareen jedhama.Bakka gahuuf fedhan akka nama hanqisuu danda’ullee  nieera. Kanumaan walqabatee mammaaksi “Dhabaaf malee cirriin cooma kajeelti,” jedha. Kunis dhabuun hawwii ofii irraa akka nama hambisu nu hubachiisa. Kana malees, “Deegarra ulfaatti” jedhee namtichi ashaboo mataatti baate.Kun kan agarsiisu deegni hangam

ulfaataafi jibbisiisaa akka ta'e ibsudha. Deegni yookaan hiyyummaan galma akka nama hanqisu hubachiisa Namni qabeenya yoo qabu waaqa uumaa isaa akka hin yaadanne ibsanillee mammaaksonni ni jiru. "Deegan malee waqayyo hin beekani," jedhama. Kunis, kan agarsiisu namni yemmuu deegu waaqni maal akka ta'e akka yaadatu eera. Yemmuu qabeenya qabu waan ofii isaatiif ummate itti fakkaata.Guyyaa tokkoof illee waan jalaa hin hir'anne itti fakkaata.Ta'us qabeenyi "Qabeenyi fixeensa ganamaati" waan jedhamuuf ni dhumti. Yemmuu kan waaqni akka jiru hubata. Waaqa komachuu eegala.Garuu, dhalli namaa oolee galuu isaaf, taa'ee ka'uu, nyaate sifaa'uu, dhugee dheebuu bahuu, deemee galuu isaaf guyyaa guyyaan waaqaaf galata dhiyeessuu akka qabu nu hubachiisa. Sababni isaa oolmaa namaa guutuu kan to'atu waaqa waan ta'eefi.

Mammaaksonni kan biroon qabeenyi ormaa akka nama hin fayyadne. Abbummaan isaa kan isaa kan ta'etti yoo fayyadame itti tola. Kana agarsiisuuf mammaaksi mammaakamu "Muka biyya jiruun mana ijaaran" jedhu. Kun kan agarsiisu waan hin qabne akka hin abdanneefi itti hin fayyadamne ibsa. Namni waan namaa abdatu yookaan ni argata yookiin dhaba. Kan ofii garuu yeroo barbaadanitti gammachuun itti fayyadama.Sodaafi dhiphuu tokko malee waan fedha isaa ittiin raawwatata.

Kanatti dabalatee mammaaksi kan biraan, "Kan qabaniin gabaa dhaqu," jedhu. Kunis kan agarsiisu qabeenyi ofii akka fedha ofiitti yoo ittigargaaraman kan nama gaafatu akka hin jirre eera. Kana nama biraa akka fedha keenyatti ittifayyadamuun hin danda'amu. Kanaafuu, qabeenyi ofii gaadidduu jireenya ofii akka namaaf taa'u ibsa.

Manni abbaan gube iyya hin qabu," jedhama.Namni ofii isaa balleessu akka namni itti birmatu hin barbaadu.Kun ammoo namoota isa cina dhaabbatan akka hin qabne agarsiisa.Kana waliin wal qabatee mammaaksi Oromoo, "Sangaa abbaan gaafa cabse, ormi ija jaamsa," jedha. Kun illee yoo abbaan balleesse kan cinadhaabbatu hin jiru; deeggaraa tokkollee hin qabaatu.

- Yaa mana ofii kan itti quufan irraa kan itti dhuufan.
- Baalageen ba'aa dammaa hin beektu arraabbachaa demti.
- Farda bilbilatu miidhagsa.
- Yarattuus hamma haadha ofii maaltu namaa gaha.

### 4.1.1.4. Mammaaksota qusannaan diinagdee cimsuuf barbachisaa akka ta'e mulisan

Mammaaksi inni lammataa odeefkennitootarraa argameefi qusannaa qabeenyaan waqabatee jiru agarsiisuu mammaksa "Bulfatan malee bultee hin nyaatan" kan jedhu yoo ta'uu kunis maallaqa/qabeenya argatan/horatan hunda argameef qofa bakka hintaneettif waan hintaaneef qisaasun akka hin barbaachifnefi qusatanii yeroo birootiif kaa'uun rakkoo ittiin bahuun akka danda'amu ibsa. Kunis qusachuun abshaalummaa akka ta'e nutti hima jechuun odeefkennitoonni Aaddee Maammitee Kabadaafi Aaddee Leensaa Lalisaa agfaaffii guyyaa 25/08/2014 taasifameen addeesaniiru .

"Kuusan malee ka'anii waa hin fuudhan" jedhu yoo ta'u mammaksi kunis ergan dabarsu diinagadee horatan seeran itti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu isaa agarsiisa, kana malees gaafa qabeenya argatan qusannaa malee yoo itti fayyadaman qisaasa'uu waan danda'uuf gara fulduraatif rakkoo malee jiraacuuf olkaa'achuun barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa.Kanaafuu qabeenya horachuu qofa osoo hintaane qabannaanis beekumsa guddaa akka ta'e hima. Mammaksa kanaan kan walitti dhufeenya qabu;

Mammaksoonni "Boolla gaafa beelaa halkan banu" jedhu qabeenyaa qusatanii olkaa'an gaafa rakkoo akka itti fayya daman kan agarsiisu akka ta'e ibsi odeefkennitootaa Aaddee Maammitee Kabadaafi Aaddee Leensaa Lalisaa agfaaffii guyyaa 25/08/2014 ni addeessa

### 4.1.1.5. Mammaaksoota abdii gara fuulduraa diinagdee argachuu irratti mammaakaman

Mammaaksonni Oromoo namni kanaan dura dureessa ta'ee boodarra qabeenya sana dhabe abdii gara fuulduraati diinagdee sana deebi'e horachuuf qabu hawaasa keessatti mammaakaman odeefkennitootaraa funaanamanii akka armaan gaditti qaaccefamanii jiru. Ergaaisaan dabarsaniis yaada odeefkennitoonni kennanirraa hubachuun danda'aameera. Mammaaksonniifi yaannii bal'aan armaan gadii gaafa 30/08/14 afgaaffii Obboo Aschaaloo Xabaluu wajjiin taasifameraa kan argameedha.

Mammaaksoota kanneen keesaa muraasni akka armaan gaditti kan qaacceeffamn yoota'u mammaaksi inni jalqabaa, "Aduun akka dhiitte hin haftu" kan jedhu yoo ta'u, mammaaksi kunis kan agarsiisu qabeenya kanaan dura qabu kan dhabe yookin kan hiyyoome ta'us akkanumatti

hiyyummaa keessatti hin hafu cimee yoo hojjadhe qabeenya dhabe yookin najalaa qisaasame sana irra deebi'ee nan argadha yaada jedhu akka ofkeessaa qabu ibsi odeefkennitoonni Obboo Ibraahim Jeeyilaanii fi Oboo Shifarraa Warquu gaafa guyyaa 30/08/2014 kennan raga ba'a.

Mammaaksi inni biroo mammaaksa armaan olitti qaacceeffameen walitti dhiheenya qaabu yommuu ta'uu, ergan isaas wal fakkaata mammaaksichis “Akka kufaniin hin hafan” fi “Biiftuun akka dhiitte hin haftu” kan jedhu dha. Mammaksi kunis akkuma mammaaksa jalqabaa kanaa namni qabeenya sababaa kamiinuu dhabe qabeenya dhabe sanitti deebi'uuf abdii qabu kan ibsuu dha. Akka yaada mammaksa kanaa akka kufanitti hin hafan kan jedhame “kufun” qabeenya dhabuu kan ibsu yoota'u jechi “hin hafan” jedhu ammoo bakka kufanii ka'uu kan agarsiisu yoo ta'uu, qabeenyatti yookin durumaatti deebi'uu agarsiisa jedhu odeefkennitoonni Obboo Ibraahim Jeeyilaanii fi Oboo Shifarraa Warquu gaafa guyyaa 30/08/2014 himan ni addeessa..
Mammaksi inni sadaffaan odeefkennitootarraa argame “Akka durii fi haraka xuriin hin hafan” kan jedhu dha. Mammaaksi kunis haaluma walfakkaatuun akka ibsa odeefkennitootaa mamni tokko kanaan dura hiyyeessa ta'e kan jiraatu yoo ta'e hanga dhumaatti hiyyeessa ta'ee kan turu akka hin taane abdii namni hiyyuumaa keessa jiru hiyyuummaa keessa jiru sana keessaa bahuf qabu kan ibsuudha. Mammaaksa kana keessatti tooftaa hiyyummaa keessaa ittiin bahamu ibsamuu baatuus hiyyummaa seenaa taasisuuf xiiqii keessa seenameefi abdii duroomuuf qabu ifaan agarsiisa.

Walumaagalatti mammaksoonni Oromoo dhimma diinagdee irratti mammaakman namoota hiyyummaa keessa jiran hiyyummaa keessaa akka bahan jajjebeesufista'e namni hiyyumaa keessa jiru sun hiyyummaa keessaa bahuuf yookin qabeenya horachuuf qabu san ibsuuf faayidaa akka kennen qaacccessa taasifame kannarraa hubachuun danda'ameera.

## 4.1.2. Mammaaksoota Hiyyummaa/Qabeenya dhabuu Mul'isan

Mata duree kana jalatti xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e mammaaksota Oromoo qabeenya dhabuu yookiin deegaan walqabatantu qaacceffame. Maddi mammaaksota kanaas hawaasa itti tajaajilamaa jiruudha.Haaluma kanaan mata duree qorannoo kanaan ragaaleen walsimatan walitti qabamanii jiru.Ragaalee walitti qabaman keessaa ragaaleen qaacceffaman filatamanii

jiru.Ragaaleen filataman kunis, akka armaan gaditti mata dureewwan adda addaatti qoqqoodamanii dhiyaatanii jiru.

Oromoon hiyyummaa yookin qabeenya dhabuu isaa hima gabaabaadhaan yaada hiyyummaan isarra geessisee, nama biraarratti geessise akkasumas miidhaan hiyyummaan ilma namaarratti geessu ibsuuf mammaksaan fayyadama. Mammaksoota kanneen keessaa mammaksi “Leenca du’e daaraa irratti haran” jedhu nama hiyyummaan ykn qabeenyi harkaa dhume akka guyyaa qabeeenya qabu sanitti namoonni akka isa hin ilaalle ibsuu mammaaksa kanatti fayyadamuun namoota gorsu ykn namootatti ergaa dabarfatu. Dabalataan Mammaksi “Muka jige qottoon itti hammaatti” jedhu ergaalee baay’ee dabarfachuuf kan tajaajilu ta’us diinagdeen walqabatee namni tokko qabeenya duraan harkaa qabu yoo dhabee, erga hiyyoomatee booda namni isa yakku ni heddumaata. Wanni gaarii duraan hojjatte hundi hin yaadatamuuf, guutumaan guututti yakkamaa ta’eetikan fudhatamu ta’uu isaa mammaksa erga dabarsu akka ta’e maanguddoonni ganda Saanbituu marii garee xiyyeeffannoo gaafa guyyaa 30/08/2014 kennaniin ibsanii jiru. Kana malees namni qabeenya argetee, booddee hiyyoomate, rakkoon heedduunifi kisaaraan walirraa hincinne akka isa muudatus ni agarsiisa jechuun odeefkennitoonni ibsa kenneniiru.

Hammeenya hiyyummaa namarraan geessitu ibsuudhaafis Oromoon mammaksa “Siree hiyyeessaa jalli qilleensa” kan jedhuufi kan birootinis ni fayyadama. Akka yaada odeefkennitootaatti mammaksi kuni ergaan itti dabarfamu yaadni ykn gochi hiyyeessa tokkoo duubni isaa shakkisiisaa ta’uu isaati. Gama biraatiin akkuma beekkamu qilleensi waan harkaan hin qabamnee dha; kanaafuu wanti hiyyeessi tokko namoota gurmeessee jalqabee yookin deegarsa namaa barbaadee jalqabe tokko dhuma kan hin qabnefi kan abdii hin qabne ta’uu isaa agarsiisa. Kunis waan yaadan xumuruuf yaada dhiheessuu qofa osoo hin taane qabeenyaan deeggaramuunis fiixa akka nama baasuu irraa hubachuun akka danda’amu odeefkennitoonni marii garee H/Aadam H/Kadiiriifi Obboo Aschaaloo Xibabuu yaada marii garee guyyaa 30/08/2014 kannan irratti ibsanii jiru.

Mamaaksoonni biro dhimmumma hiyyummaatiin walqabataniif  hiyyummaa ibsan kan biroos nijiru. Mammaaksi “Deeganiif hin du’an”, “Hiyyummaan dhibee miti” fi kkf ammoo mammakoota hiyyummaa xooxeeffatan yoo ta’an argachuun akkuma jiu dhabuunis jiraachuu isaa kan ifooman ta’uun agarsiifameera. Kana malees namni tokko yoo du’e kan du’aa hin kaane

ta'uun ni beekkama garuu namni hiyyoomate yoo hojjate akka argatuufi duroomuu akka danda'u mammaksa ibsuudha jechuun odeefkennitoonni ibsaniiru. Kana malees hiyyumman akka dhibee nama sakaalee hojii nama dhoorku ykn akka hin hojjjanne kan nama dhorkuufi hojjiidhaan namaa gadi nama godhu akka hin taanees ibsaniiru. Kunis kanaan dura namoonni dhibee tokko tokko kan sanyiin namatti dadarbu godhanii saalfachaa akka turan sanitti hiyyumman nama hin salfachiisuu jedhanii nama gorsuuf mammaksa itti fayyadamanii dha.

Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnanname gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi ta'iiwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta'eef faayidaan inni qabus hedduudha. Armaan gaditti mammaksoota qabeenyi yommuu nama harkaa dhabamu waanta nama qunnamu kan odeefkennitoonni himan keessaa isaan gurguddoo ilaalla.

Yaada armaan olitti kaa'ameen walqabatee mammaaksi inni jalaqabarratti ilaallu "Addunyaan fixeessa ganamaati" kan jedhu ta'ee, yaada mammaaksa kanarraa hubachuun danda'amutti addunyaa kanarratti wanti hundi kan jijjiramufi dhaabbataa akka hintaane kan dhugoomsuu dha. Kana jechuun gadaa tokko abba qabeenyaa yoo ta'an yeroo biraa qabeenyi sun dhabamudhaan hiyyeessa ta'uun akka jiru kan ibsu ta'us qabeenya akka fixeensa guyyaarratti badu kan dhabamu ta'us barii iti aaanu akkuma fiixeensi mul'atu qabeenyis cimani yoo hojjatan deebi'ee kan argamu akka ta'e agarsiisa jedhu odeefkennitoonni.

Gama biraatiin mammaaksi itti aanu ammo qabeenyi yoo dhabame michuu/firas akka dhaban namatti hima. Mammaaksichi "Yoo harkaa dhaban ollaan nama hin jaalatu" kan jedhudha. Akka yaada odeefkennitoota Marii garee lammaffaa ganda Iluu guyyaa 30/08/2014 mari'atanii yaada irratti waligalmeerra hubachuun danda'ameetti Oromoon mammaaksa kanaan hawaasa isaa nama wajjin jalalaan, walkabajaan akkasumas nageenyaan jiraachuun qabeenya ofharkaa qaban kununfatanii qusannaan qabachuun barbaachisaa akka ta'e ummata gorsuuf faayidaarra oolfata. Kana malees kan ofharkaa qaban qofa qusachuu qofa osoo hintaane ittis dabalachuun akka barbaachisuuf ee"Harki taa'u galata hin qabu" jechuunis akka mammakamu odeefkennitoonni ni ibsan. Mammaksi kunis qabeenya niqabna jedhanii ofdagatanii taa'uun dhawaatumaan qabeenyi namaa harka jiru dhumaa waan deemuuf kan duraan qaban qusachaa ittis dabalachuun barbaachisaa akka ta'e mammaksi kun akka barsiisu hubachiisaniiru.

Dhumarratti qabiyyeen mammaaksa “Bara boofti nama hidde lootuun nama kajeelti” jedhu kanaa akka odeeefkennitoota ganda Aaddee Leensaa Lalisaafi Aaddee Maammitee Kabbadaa ibsaniti hikkaa heddu kan qabu ta’us dhiimma diinagdeen walqabatee hikkan inni qabu gaafa qabeenyi harkaa dhabame qaamni hundinuu keessattuu hiyyeessinis akka nama tuffatu kan agarsiisu ta’e ummanni Oromoo hawaasa oromoo qabeenyaa ofharkaa qabu akka kunuunsuu kan ittin gorsuuf fayyadamu akka ta’e ibsi odeefkennitoonni kannen ni addaeessa.

Walumagalatti mammaaksoota kanarraa wanti hubannu mammaksi miidhaa hiyyummaa, hiyyummaa akkamitti ofirraa akka qolatan akkasumas jiruufi jireenya namaa keessatti diinagdeen bu’aa cee’ii adda adda keessa darbuun akka horatamu hubanna. Mammaaksonni jaarsolii irraa marii gareetiin argaman kun mammaaksi haala kamiin diinagdee akka ibsuu danda'uufi faayidaa akkamii akka qabu gaafachuun kan argameedha.

### 4.1.2.1. Mammaaksoota hanqina Diinagee agarsiisan

Mammaksoonni Oromoo nama sababaa adda addaatiin diinagdee yookin qabeenya qabu of harkaa dhabee diinagdee isaa dhabuu isaatiin gaduu isaa kan ittin agarsiifatu qaba. Mammaaksoota ofdeefkennitootarraa gaafa guyyaa 22/08/2014 marii garee fi afaaffiirraa funaaname kannin keessa muraasni fudhatamanii akka armaan gaditti qaacceeffamaniiru.

Mammaaksoota kanniin keessaa inni jalqabarratti odeefkennitoonni qabiyyee isaa ibsuun himan mammaaksa “Gaafa caban hokkola baru” kan jedhu. Qabiyyeen mammaksa kanaa kan barsiisu namni qabeenya qabu qabeenyi harkaa qabu akka harka isaa irraa badu hin yaadu garuu gaafa qabeenya yookin diinagdee isaa ofharkaa dhabe qabeenyi nama harkaa baduu akka danda’uufi qabanaa diinagdee ofiis baruu jalqaba kan jedhudha. Kana malees mammaksi “Harkaa dhabuun manna tokkicha ayyaa dhabuu wayya jette niitiin” jedhu kunis qabeenya of harkaa dhabuun hammam tokko daran hammataa akka ta’e kan nama hubachiisuudha. Mammaaksi kun diinageen ofharkaa qaban hammam tokko akka nama kabachiisuu fi hammam akka nama fayyadu kan agarsiisuudha. Gama biraatiin qabeenya rakkoo koodeen ofii irra nama hin baraarree irraa akka nama baraaruu danda’u hubachiisa jechuun ofkennitoonni Obboo Guuta Wayyeessaa, Obbooo Huseen Jaaafariifi Obboo Aschaaloo Xibabuu marii garee gaafa guyyaa 30/08/2014 taasifameerratti ibsaniiru.

Mammaksoota asiin olitti ibsaman kanneeniin dabalataan qabeenya/diinagadee dhabuum mammam tokko ulfaataa akka ta'e kan agarsiisudha. Qabiyyeen Mammaaksa "Horii dhabuu mannaa haadha dhabuu wayyaa" jedhu kunis qabeenya dhabuun du'a haadhaati ol kan nama xiqqeessu yookin kan du'a haadhaati ol nama gadisiisu akka ta'e ifaan akka garsiisu odeef kennitoonni Obboo Guuta Wayyeessaa, Obbooo Huseen Jaaafariifi Obboo Aschaaloo Xibabuuwajjiin afgaaffii guyyaa 30/08/2014 taasifameen qbiyyee mammaksa kanaa bifa adda addatiin ibsanii jiru.

Walumaagalatti akka mammaksoota armaan olitti qaacceffaman kanneen irra hubachuun danda'amutti diinagdeen ofharkaa qaban yoo nama harkaa dhabame/bade miidhaan nmarraan gahuu danda'u baay'ee ulfaataa akka ta'eefi namni qabeenyi jalaa dhabame/manca'e akka of jibbuu fi baay'ee akka gaddu mammaksoonni armaan olitti qaacceeefamn kunniin ni ifomsu.

### 4.1.2.2. Mammaaksoota diinangdee horachuu wallaaluu agarsiisuuf mammaakaman

Akkuma armaan olitti ibsaneeti mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummannis waan jireenya isaa keessatti isa qunnanname gadda, gammachuu, jaalaala, jibbaafi ta'iiwwan gara garaa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta'eef faayidaan inni qabus hedduudha. Kutaa kana jalattis qabiyyee mammaksoota diinagadeen walqabataniifi namoota diinagdee yookin qabeenya horachuu wallaalanii dhaamaniif mammaksoota mammakaman kan itti qaacceefamuudha. Akka yaada odeefkennitootaa mammaksoonni kunnin kan mamaakamaniif namoota carraa qabeenya horachuu qabaniifi rakkoo hubbannoo dhabuutiin qabeenya horachuu dadhabaniif kan mammakamu akka ta'e ibsaniiru.

Mammaksoota namoota rakkoo hanqinna hubannootiin qabeenya horachuu dadhabaniif mammaakaman keessaa "Bara eegaan mana eega" kan jedhu isa tokkoodha. Mammaaksi kun kan agarsiisu gocha tokko malee lafuma taa'ee ifaajee malee yeroo isaa kan qisaaseessu akka ta'u ni hubatama. Hojii hojjachuuf yeroo kan filatu akka ta'e ni hubatama. Ergaan mammaksichaas hojii malee haala filachuun qofti qabeenya akka namaaf hin argamsiifne hubachisa.

Kana malees mammaaksi "Kan qabeenyi dhufu ganama kan qalbiin dhufu galgala" jedhu kunis namni hojjatee kan argatu yeroo ijoollummaafi yeroo humna qabu ta'ee kan hojjatee argatees

sababaa bilchina dhabuutiin kan qisaaseessuufi karaa birootiin ammo yeroo humna qabutti kan hojii malee taa'u ta'uu isaa aagarsiisa; haata'u malee kuni marti darbee yeroo humnaan dadhabutti hojitti galuu yookin hubannoo qabachuu agarsiisa. Yero hubannoon argamu sanitti ammo qabeenyi barbaadamu suni argamu dadhabuu isaa ibsa.

Mamaaksonni sadan itti aanaan kunniin nama diinagdee horaachuu irratti hanqina yookin wallaalummaa qabu ibsuf ykn qeequuf kan mammakanam akka ta'e ibsa maanguddoolii irraa hubachuun danda'ameera. Mammaaksoonni kunniinis "Hojii malee boo'aan dibbiqoo hin argatan", "Deegaaf maal dabalan jennaan cittoojedhe" fi "Daamuu qabatanii biyyee arraabu" yoo ta'an, ergaan mammaksa jalqabaa akka ibsa odeefkennitootaatti kan dhaamu nama hojii bu'aa isaa buusu hojjachuu wallaalee hojii biroo hojjatufi komii dhiheeffatu ibsa. Kunis ifaajee isaa malee nama bu'aa barbaadu ibsa. Mammaksi inni lammataa ammoo nama jalqabuma hiyyummaarra jiru kan ibsu yoo ta'uu hojjatee badhaadhinnatti ba'uu dhiisee amma lafuma taa'ee akka waan qabeenya argatu kan eegu kan agarsiifi akkasumas nama kanaan dura hojii biraa hojjatee kasaareefi ammas hojjii isaa kasaarsuu hojjataa jiru kan ibsu akka ta'e odeefkennitoonni ibsaniiru. Mammaksi inni dhumaas bifuma walfakkatuun nama hojii ykn qabeenya isa harka jiru hojjachuun/kunuunsuun bahaadhuu danda'u kana gochuu wallaalee hojii ykn gocha kisaaraa keessa isa galchu hojjatu qeequuf himamu akka ta'e odeefkennitoonni Obboo Guutaa Wayyeessaafi Aaddee Maamitee Kabbadaa yaada marii garee guyyaa 22/08/2014 taasifamerratti kannanii ibsaniiru. Mammaaksoonni wallaalummaa diingdee horachuu agrsiisan kan biroo akka armaan gaditti tarraa'anni jiru.

- Damma qabatanii biyyee arraabu
- Wallaalaan bishaan keessa dhaabbattee dheebota.
- Dawween dhuma saddeeqa hin beeku dhuma dhagaa eega.
- Gowwaan bona dhadhaa daldaalti ganna ashaboo daldaalti.
- Himata wallaalan hayyicha abaaran
- Kan maallaqni dhufu ganama kan qalbiin dhufu galgala.
- Taa'umsa badanitu k'umsa ilaalatu.

Walumaagalatti mamaksonni uumata Oromoo namoota karaa sirrii irra hin jirree ykn hojii bu'aa buusu hojjachuu wallaalanii hojii kisaaraa keessa isaan galchu hojjataniis akka irraa baran ykn isaan qeequuf mamaaksootatti fayyadama.

### 4.1.2.3. Mamaaksoota abdii kutachuu diingdee dhabuu agarsiisuuf mammaakaman

Oromoon mammaaksoota fayyadamun ergaalee iccittii adda addaa qaban dabarfata. Ergaawwan kanneen keessaa inni tokko erga namani qabeenya isaa ofharkaa dhabee hiyyummaan hamilee isa tuquu isaa kan ergaa itiin dabarsaniidha.mammaksoota kanneen keessaa, mammaksi "Gaafa harkaa dhaban harka caban" jedhu kun namni qbeeny hinqabne akka akka duriitti nama gargaaruu dhabuu isaa, akka fedheetti wan fedhii isaa guttachuu dhabuufi tuffatamuu isaa kan itti ibsatu ta'uu isaa odeefkennitooonni addeessanii jiru.

Mammaksa armaan olii kanaan kan walfakkaatu mammaksi inni biroo ammoo mammaaksa "Harkaa dhaban intala abbaa lafaa dhaban" jedhu yoo ta'u mammaksi kun namni ofharkaa dhabee abdii tokkollee akka hin qabne agarsiisa. Kunis harkaa dhabus dura wajjiin jirra jedhanii waan isaa malu yookin qabeeya kennaniifi hojjatee ni deebisa jedhanii waan abdiin irra hin kaawwamneef abdii dhabuu/kutachuu agarsiisa.

## 4.1.3. Mammaksota qisasama diinagdee Balaaleeffatan

### 4.1.3.1. Mammaaksoota Qisaasa'uu diinagdee agarsiisuuf mammaakaman

"Boru hinbeekneen qodaan bukoon ishee sagal!"Akka mammaaksa kanaattis namni boruuf hin yaadnehar'a qofaa jiraatee darbuuf nyaata waan ta'eef karoora itti hin baasu.Har'uma nyaatee kan boruu waaqatu beeka jedha.Mammaaksi Oromoo dinagdee qusachuu agarsiisan kan biraan "Ol kaayan malee olka'aniif hin fuudhan!" jedha. Mammaaksa kana irraa kan nuti hubannu yoo qusatan malee akka boru itti fayyamuu hin dandeenye ibsa. Namni olkaayate yookaan qusate guyyaa rakkate itti fayyadamuu danda'a.Namni hin olkeewwannee garuu faallaa kana guyyaa rakkoo bakka itti fidu dhaba.Beeloofnaan nyaata dhaba.Dhukkubsatee waan ittiin yaalamu dhaba.Kanaaf, mammaaksi kun dinagdee yookaan qabeenya keenya qusachuu akka qabnu nutti ibsa.Akkasumas mammaaksi qusanno o agarsiisu, "Qunxur mana fixxee cimmis mana guutti,"jedhan. Mammaaksa kana keessatti jechi'Qunxur'jedhu irraa fuffuudhaa jechuudha.

‘Cimmis’ jechuun immoo walitti qabuu jechuudha.Kanaaf, akka mammaaksa kanaatti namni qabeenyaakka barbaade karoora malee itti fayyadamu manaa of jalaa fixa. Kunimmoo, booda waan ittiin jiraatu akka dhabu taasisa.Namni karooraan kuusatee itti gargaaramu garuu yoommuu akka hinrakkanne nu hubachiisa.Namni qabeenya isaa karooraan fayyadame yoo qusate guyyaa rakkooisaaf hin cinqamu. Bakkuma kaa’ee fudhatee itti gargaarama.

Ummanni Oromoo mammaaksa dhimma garagaraatiiif oolcha. Faayidaalee mammaaksi kennu keessaa muraasni isaani yoo ilaalle barsiisuuf, gorsuuf, sirreessuuf, dubbii qabbaneessuuf, araarsuuf, quuqama ofii ittiin ibsachuuf, goota kakaasuuf, dabeessa jajjabeessuuf, cimina ittiin ibsachufi gama biraatiin immoo qisaasa’inna diinagdee ibsachuuf kan mammaakaman jjiru. Mammaaksi yoomessa ittiin mammaakamu qaba.Mammaaksa wantoota adda taasisan keessaa yoomessa kamuu keessatti dhimma itti bahuuf mijaawaa ta'uu isaati. Kanaafis mammaaksoonni armaan gadii yoomeessaa qisaasama diinagdee keessatti mammakamanii ergaa kan dabarsanii dha. Mammaksoonni kunniinis “Arjaa harkatu kennuu araada”, “Har’aa boruun nama dulloomsiti”, “Boru boruun intala dulloomsa” fi “Gaafa robe lafti ganna” dha. Mammaaksi jalqabaa qabeenya ofii bakka irra olchinu waallaaluu kan agarsiisu yoo ta’uu mammakoonni lammafaafi isa sadaffaa hojii yeroo yojjachuuu qabnu beellama itti baay’isuu ykn yeroo dheereessuun kisaaraa akka ta’e ibsu, karaa biraatiin beellama baay’isuun hojiin hojjatamuu qabu yeroo barbaadameen ala ta’uudhaan kisaara keessa akka nama saaxiluufi barbaadamuumman isaa akka hir’atu mammaksoota ibsa akka ta’e ibsi jaarsoolii nihubahiisa.

Mammaksi inni dhumaa ammo qusanna gochuu dhabuudhaan diingadee akka qisaasamu ta’uu issaa kan hubachiisu akka ta’e odeefkennitoonni himaniiru. Kunis gaafa oomishni argame argameef qofa hamma barbaachisuu ol fayyadamuufi qabeenyi akka qisaasamu ta’uu isaa mammaksa qeequdha jedhu jarsooliin odeeffannoon irraa fudhateme.

### 4.1.3.2. Mammaaksoota qisaasa’u diinagdee balaaleeffachuuf mammaakaman

Ummanni Oromoo diinagdeen yommuu qisaasamu yoo arge qisaasama diinagde sana mormuufis mammaksootatti ni fayyadama. Mamaaksoota Kanniin keessa Mammaaksa “Duuti qa’ee hin balleessuu du’aatu qa’ee balleessa” kan jedhu. Ergaan mammaaksa kanaas diinagdeen qisaasamu

qofa osoo hin ta'in kan nama miidhu, qaama diinagdee sana ittifayyadama wallaalee qisaase sana jechuu yaada jedhu ofkeessa akka qabu ibsi odefkennitootaa ni addeessa.

Mammaaksonnii sababaa wallaalumma/gowwummaatiin qabeenyi horatan jalaa qisaasamu yookin manca'uufi hiyyumaaf namoonni saaxilaman ibsan hawaasa keessatti akka jiran ragaa odeefkennitotarraa argameen hubachuun danda'ameera.Haalum kanaan, mammaaksonnifi yaanni bal'aan haala armaan gadiitti ragaa gaafa guyyaa 22/08/14 argame irratti hundaa'un qaacceeffameera.

"Midhaan warra raatuu bona ganna nyaatu" mammaaksa kanarraa kannuyi hubannu qabeenya nama gowwaa abbaan fedhe akka itti gargaaramu ibsa. Namni gowwaan akka barbaadame yoo jalaa nyaatameellee na jalaa dhumaa hin beeku. Gama biraatiin, namni abshaala ta'e akka barbaade of akka hin mine nu hubachiisa. Boruuf yaaduun ni kaawwata. Inni raatuun/gowwaan garuu akka kanaa yaadee boruuf iftaaniif hin keewwatu.Har'umaaf jiraatee darbuu fedha. Sababa kanaaf abbaan itti tole goree nyaata. Mammaaksi kanumaan walitti dhiyaatus ni jira.

Mammaaksooni "Arjoomaniif fira hin argatan", "Doqna harkatu kirkira", "Jarjaraan ra'ee hin horu" fi "darbaa hin darbatan dhumaa hin qusatan" jedhan wallalummaafi gowwummaadhaan diinagdeen akka qisaasamu agarsiisa. Kunis qabiyyee mammaksa jalqabaa odeefkennitoonni akka ibsanitti namni tokko tokko waa kennuudhaan nama hundaaf garii ta'ee mul'achuudhaaf akkasumas qabaataa oftaasisuudhaaf bakka hinbarbaachifneetti qabeenya isaan kan ollchu ta'uu isaa ibsa jedhu. Mammaksi inn lamataa haaluma walfakkaan gowwummaadhaan bakka isa hin ilaallanneetti nama qabeenya ofii dhangalaasuu mormuuf ergaa kan qabu akka ta'e himaniiru. Mammaaksi inni dhumaa ammoo ergaa faallaa mammaaksoota lamaanii kan qabu yoo ta'uu nama qabeenya ofii qofa jaalatee firaafi lammii ofirraa fageesse ittiin qeequuf mammakamu akka ta'e odeefkennitoonni Obboo Huseen jaafariiifi Obboo Ibraahim Jeeyilaan yaada marii garee gaafa guyyaa 22/08/2014 kannanirratti himaniiru.

Walumaagalatti diinagdee horatan akkaataa itti hogganan wallaaluun qisaasama diinagdii akka fidu erga mammaksoota kanniin kan ibsamee yoo ta'uu qabeenya qabanis karaa sirrii ta'ee namoota qabeenya sana kunuunsuufi qabeenyi sun daran akka guddatu gahee qaban wajjin itti fayyadamuunis akka barbaachisu ergaa mammaksota armaan olitti qacceefamman irraa hubatamera.

## 4.2. Yoomessa Mammaaksota Dhimma Dinagdee Irratti Mammaakaman

Mammaaksi Oromoo akka barbaadametti, yeroo barbaadettiifi bakka barbaadatti kan yaadatamee himamu miti. Galumsa mataa isaa qaba.Kana mammaaksaan yemmuu ibsa, “Mammaaksi agiboo qaba; callisee nama hindhufu,” jedhu manguddoonni Oromoo. Kunis kan agarsiisu mammaaksi galumsa mataa isaa danda’e akka qabudha.

Mammaaksi dinagdee irrattimammaakaman waltajjiiwwan akka walgargaarsaa (daboo, afoosha, daadoo, qaboo(daboo waliin kan fakkaatu ta’ee nama tokkotti himatanii namni sun daboo namaa kadhatee kan dhufudha), buusaa gonofaafi waldhabdee hiikuufaa irratti kan dhiyaatanidha.Waltajjii wal gargaarsaa irratti mammaaksonni mammaakaman jajjabina namoota waliinhojjataniif taasisuuf kan mammaakamudha.

Mammaaksonni akka kana kan “Jabaatan galu, galan waan nyaatu,” jedhudha. Kun kan agarsiisu namoonni hojii hojjechaa jiran akka humnagodhatanii hojjataniif kaka’umsa kennaaf. Akkasumas, nama rakkate yemmuu gargaaraniis humna taa’uufi. Mammaaksa “Deeganiif hin du’an,” jedhufaa mammaaku. Kun kan namatti ibsunamni yoo hiyyoome akka yoo hojjete keessaa bahuu danda’udha. Namni ani deegeerra jedheeakka hojii hojjachuu hin dhaabneef kan mammaakamudha. “Har’a dhabuun bor dhabuu miti,”mammaaksa jedhuutiin wal jajjabeessu.Namni har’a qabeenya hin qabne, borus qabeenya hin qabaatu jechuu miti.Kanaafuu, yeroo namoonni rakkatan furmaata ofii kennuuf cinqamanmammaaksota kanneeniin akka namni sun tasgabbaa’uu taasisu. Kana malees, namoota sababa dinagdeen waldhaban araarsuuf mammaaksi ni mammaakama. Namoonni adda addaa daangaa lafaa, dhaala abbaa isaa hirmaachuu irratti, qarshii walii kennuu, loon qixxee kennuu irraan kan ka’e waldhabuu fi kan biroo fa’aa irratti kan wallolaniif furmaata kennuuf mammaaksi ni mammaakama. Mammaaksonni kunneen waltajjii araaraarratti kanmammaakamanidha.

Fakkeenyaaf, obbolaan lama lafa irratti yoo wal dhaban“Foon lafa jiruallaattiin samiirraa wal dhabdi,” jechuun jara wallolan gorsuun araarsuu yaalu.Lafti sun gaafa isaan du’an lafatti hafa har’a garuu waliin gahanii jiraachuu dhabanii wal dhabuun isaanii barbaachisaa akka hin taane ibsu.Akkasumas, “Nyaatanii gara firatti garagalanii liqimsu” jedhu.Akka mammaaksa kanattis namni fira isaan wal dhabee orma waliin jiraachuun ni ulfaata.Qabeenya irratti wal dhabee bor nama walii jiraatu dhaba.

“Firaan boonu malee firatti hinboonan,” jedhu.Akka mammaaksa kanatti namni qabeenyaan boonurra firaan boonu akka wayyunu hubachiisa.Kana malees,“Namni mana tokko ijaaru citaa wal hin saamu,” jedhu.Akka mammaaksa kanaatti, namoonni fira ta’anii waliin jiraatan qabeenya irratti waldhabuu akka hin qabne barsiisa.Jiruufi jiireenyi isaanii walitti hidhataadha jechuudha.Kanaaf, mammaaksidinagdee waltajjii araaraa irrattis akka dhiyaatu hubanna.

## 4.3. Faayidaa Mammaaksonni Dhimma Dinagdeerratti Mammaakaman Qaban

Mammaaksi faayidaa guddaa qaba.Akka Ummata Oromootti mammaaksa jechuun soogidda jechuudha.Akkuma yoo soogidda waantota adda addaa keessaa dhabne namatti hin mi’oofne, dubbiin yookaan haasawaan mammaaksa of keessaa hin qabne tasumaa hin mi’aawu.

Yoomessa mammaaksa dhimma dinagdee irratti ibsamuuf yaalametti mammaaksi namoota waldhabanaraarsuu keessatti tajaajila guddaa qaba.Namni qabeenya irratti wallole akka waliif dhiise walittiaraaramuuf gahee guddaa qaba.Kana waliin wal qabatee mammaaksi mammaakamu, “Mammaaksi dubbii fida; mammaaksi dubbii fixas,” jedhu.Akkasumas, “Mammaaksi dubbii gabaabsa,” jedhu.Mammaaksota kanneen irraa kan nuti hubannu, mammaaksi dubbii yookiinhaasawaa tokko haala salphaa fi yeroo gabaabaa keessatti raawwachuuf akka nama gargaarudha.Akkasumas, gorsuuf gargaara.Namni qabeenya irratti waldhabe akka irraa of deebisu taasisuufni gargaara. Namoonni waldhaban akka diinatti dabarsanii wal hin kennine gorsuuf akkas jedhanii mammaaku.“Wadalli harree nitii isaa irraa waraabessa hin dhowwu,” jedhu.Kana jechuun namni fira isaa dabarsee diinatti akka kennuu hin barbaachisne gorsa.Sababa qabeenya namoonni tokko tokko fira isaanii hamatu.Kanaaf, mammaaksi kunneen namoota kanneeniifgorsa kenna.Namoonni akka jabaatanii hojjataniif kaka’umsa taa’uufi. Namni hojiif fedha hinqabne akka hojii haala bareedaa ta’ee hojjetuuf mammaaksi mammaakamu ni jira.

Akkuma olitti ibsame namnihojii waliin hojjatu akka jajjabaate hojjatuuf kaka’umsa kennaaf. Akkasumas, namoota qabeenyahin qabne jajjabeessuuf ni gargaara. Namoonni qabeenya hin qabne akka abdii hin kutnetaasisuuf mammaaksi ni mammaakama. Fakkeenyaaf, “Jarjaraan re'ee hin horu,” jedhu.Kana jechuun itti ariifataniif qabeenya hin horani jechuu agarsiisa.Obsa akka

barbaachisu eera.Namni obsa hin qabne yeroo gabaabaa keessatti abdii kutata.Kanaaf, ariifachuu akka hin barbaachifneibsa.Kana malees, namoonni wal gargaaruun akka hojjetanii mammaaksi ibsu jira.Namni qofaa isaa hojjatu dafee hojii xumuruu hin danda'u.Kanaaf, namni isa barbaachisa."Namni namaaf qoricha," jedhu.Namni nama malee jiraachuu akka hin dandeenye nu hubachiisa. Namni wal gargaaree waliin jiraata, hojii of harkaa fixuuf baay'ee itti salphata.Yeroo gabaabaa keessatti hojii baay'ee of irraa xumuranii galu.Kanaaf, hojiirratti walgargaarsi barbaachisaa ta'uu mammaaksi ni ibsa.

## 4.4. Mammaaksonni Dhimma Dinagdeerratti Mammaakaman yeroo ammaa sadarkaaisaan irra jiran

Mammaaksonni dhimma dinagdee irratti mammaakaman yeroo amma kana baay'inaa jiraachuu baatanillee hawaasa keessatti tajaajila kennaa jiru.Kana jechuun haala ijaaramaa fi dhiyeenya isaatiin mammaaksi kan dagatamuu danda'amu miti ture. Haa ta'u malee, yeroo har'aa kana naannoo namoonni itti walgargaaraniimammaaksota adda addaa gargaaraman baay'ee hir'ataa dhufeera. Kanaaf, sababa kan ta'e immoo yeroo ammaa kana meeshaaleen teeknooloojii adda addaa keessattuu qonnaa ammayya ta'an gara lafa qonnaa irratti bobbaa'uun namoonni walgargaaraa adaa ofii calaqisiisaa hojiin hojjatan hojii teeknooloojii kanneeniin wan bakka bu'eef mammaaksi kun akka hin dagaagne taasisaniiru. Osoo kun hin jirree namoonni bahanii yemmuu walgargaaran mammaaksota baay'eetti gargaaramu ture. Yemmuu meeshaaleen kun bakka buufaman ammoo namoonni bahanii wal gargaaruun ni hir'ata.

Kun immoo mammaaksi waltajjii kanneen irratti mammaakaman akka hir'ataniif daandii bana. Akkasumas, guddina saayinsii fi teeknooloojii keessattuu wayita qonnaa qotan meeshaaleen teeknooloojii dhufuu irraa kan ka'e aadaa hawaasichaa akka dagatamu ta'ee jira. Yeroo ammaa kana mammaaksonni dhimmoota dinagdee irratti mammaakaman baay'ee hir'atanii jiru.

Keessattuu, guddinni teeknooloojii dhibbaa guddaa mammaaksa dhimma dinagdee irrattimammaakaman irratti fide heddudha.Fakkeenyaaf, dhalataan yeroo ammaa moobayila qabatee waan biroohojjachuu malee mammaaksonni abbootii isaanii irraa akka itti darbu hin dhagahani.Kun immoo guddina Afaaniifis ta'e dhalootaaf daddarbuu mammaaksota irratti dhiibbaa qaba.Kana malees, dhaloonni ammaa itti fayyadama mammaaksaa baay'ee hir'iseera.

Sababni isaa immoo, dhaloonni kunammayyummaa waan hordofuuf akka ta’edha.

# BOQONNAA SHAN: GOOLABA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun dhimmoota sadi irratti xiyyeeffata. Inni duraa cuunfaa argannichaa kan dhiheessu yemmu ta'u inni lammataa ammaa yaada furmaataa fi kan dhumaaammoo yaboodha.

## 5.1 Goolaba

Ragaalee fi Odeeffannoon qorannoo kanaaf ta’an walitti guuruun qaacceeffamanii ibsamaniirraa yaadoleen armaan gadii akka cuunfaatti kaa’amanii jiru.Jireenya hawaasaa keessatti wantoonni hedduun jiraachuu danda'u.Wantoota hawaasa waliin walitti hidhata qaban keessaa tokko afoola. Afoolli afaaniin kan dhiyaatuufi kan raawwatuu ibsituu aadaati. Afoolli haala jireenya hawaasa tokko murteessuufi kuufama beekumsaa kan fuulduraatti hawaasaa fuudhee deemu ta'uu isaa hubanna. Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, ogummaa, falaasama, amantaa, seenaa, ilaalcha, beekumsa uummataa, mudannoowwaniifi muuxannoowwan afaanii gochaan dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufeefi ammas darbaa kan jiru kalaqa hawaasaati. Afoolli gooroowwan xixiqqaa baay'ee ofkeessatti qabata. Fakkeenyaaf, kan akka durdurii, geerarsa, hibboo, ciigoo, jechama, faaruu loonii, mammaaksaafi kan kana fakkaataniidha.

Mammaaksi damee afoolaa keessaa isa tokko ta'ee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbuudha. Mammaaksi yoomessa ittiin mammaakamuu qaba.Kana malees mammaaksi amala garagaraa qaba. Fakkeenyaaf, uummatummaa, jijjiiramummuu, yoomessa, lufummaafi kan kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee ibsan qaacceessuudha.Kunis mammaaksi Oromoo haala kamiin diinagdee ibsuu akka danda'u qabiyyee isaatiin qooduun qaacceessuun adda baasuudha.Kanamalees odeefannoon odeefkennitootaraa afgaaffii, marii gareefi sakatta'a galmeetiin argamee qaacceeffameerraa hubachuun akka danda'ametti mammaaksi Oromoo haala garagaraatiin dhimmoota diinagdee wajiin walqabatan akka ibsu hubachuun danda'amee jira. Innis gama hojiitiin, cimina diinagdee horachu, dhiibbaa hiyyummaa, quusannaa dinagdeefi kan kana fakkaatan kaasuun nidanda'ama. Haala kanaan qabxileen armaan gadii argannoo qorannoo kanaa ta'anii walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.

Hawaasa keessatti mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee ibsan fayyadamuun faayidaa gara gara qaba.Fakkeenyaaf, haamilee hojiif kakaasuu, jajjabeessuufi kkf.ibsuuf kan nama fayyaduu

ta'uu isaa qorannoo kana keessatti ibsameera. Mammaaksi Oromoo hawaasa haala garagaraatiin akka ibsuu danda'u hubachuun danda'ameera. Fakkeenyaaf, gama hojiitiin, cimina diinagdee horachu, dhiibbaa hiyyummaan qabu, quusannaa dinagdeefi kkf ibsuu akka danda'an qorannoo kanarraa hubatameera.

Mammaaksi guddina afaan saba tokko keessatti gahee guddaa qaba. Mammaaksi addunyaa kanakeessatti bakka hundatti kan itti hin gargaaramne hin jiru. Garuu, haala itti fayyadamaa fi yeroo itti fayyadamaan adda ta’uu danda’a.Akka uummata Oromoo mammaaksi gahee guddaa kanqabudha.Mammaaksi hundee jireenya isaanii akka ta’etti himu.Dubbiin dubbatmu mammaaksa malee bu’aa akka hin qabne himuuf mammaaksaa fi soogiddaa wal bira qabu.Akka hawaasaqorannoo irra funaaname irraa hubatametti mammaaksa lubbuu hawaasichaa akka ta’etti ibsu.

Mammaaksaan dubbii fedhan ibsuun akka danda’amu ni eeru. Mammaaksi dhimmadinagdee agarsiisan irratti mammaakamanis yaada hawaasichaa gama dinagdeen jiran baasee akka ibsuu danda’u hubachuun danda’ame.

Fakkeenyaaf, nama qabeenya hin qabne qeequufmammaaksota garaagaraa akka gargaaraman ibsu.Mammaaksi dinagdee irratti mammaakaman yeroo hojii walgargaarsaa adda addaa fi waltajjiiaraaraa namoota waa’ee dinagdee irratti waldhaban araarsuuf ta’u keessatti akka itti gargaaramannamoota odeeffannoon irraa fuunanameerra hubachuun danda’ameera.

Akkasumas, qorannookana keessatti mammaaksonni dinagdee irratti mammaakaman sababa saayinsiifidinagdeeti.Kunimmoo, aadaan wal gargaarsa akka hafu taasisuun mammaaksonni kunneen akka hir’ataniif sababa ta’eera. Kana malees, dhaloonni itti fayyadamuu dhabuu irraa kan ka’emammaaksonni kunneen akka baduuf daandii qabataniif sababa akka ta’an hubachuundanda’ameera.

## 5.2. Argannoo

Mata duree kana jalatti argannoon qorannichaa gabaabinaan dhiyaateera.Walumaagalatti, ragaalee xiinxalaman bu’uura godhachuun qabiyyee Mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee irratti xiyyeeffatanii mammakaman hawaasa Oromoof dhimma diinagdee irratti barumsa bilchaata waliif kennuu keessatti gaheen isaan qaban daran olaanaa akka ta’e

mirkanaa'eera.Kanuma bu'uura godhachuun, qabxiiwwan argannoo qorannoo kanaa haala waliigalaan dhiyaateera.

- Qabiyyee mammaaksota Oromoo dhimma diinagdeerratti xiyyeeffatan ilaalchisee, hawaasni Oromoo Aanaa Sinaanaa jiruufi jireenya isaanii keessatti mammaaksatti gargaaramuun qabiyyeewwan diinagdee cimsuuf, abshaalummaa diinagdee horachuu, kutannoo, kabajaa horachuu agarsiisaniifi mammaksota qisaasama diinagdee balaaleeffatan akka ta'e bira gahameera.
- Akka aadaa hawaasa Oromoo Aanaa Sinaanaatti, mammaaksi kan mammaakamu irra caalaan manguddootaan yoo ta'u; namoota hojiidhaaf tattaafatan jajjabeessuuf, namoonni qabeenya akka qusatan gorsuuf, qabeenya horachuuniif, qabeenya horachuuf abshalummaan akka barbaachisu irra gahameera.
- Akka aadaa hawaasa Oromoo Aanaa Sinaanaatti, mammaaksi kan mammaakamu irra caalaan manguddootaan yoo ta'u; namoota qabannaa diinagdee wallaalan akka tajaajilu irra gahameera.
- Mammaaksota Oromoo dhimma diinagdee irratti xiyyeeffatanii mammakaman, faayidaawwan kanneen akka: diinagdee cimsuu, hiyyummaa balaaleeffachuuf, gowwummaa diinagdeerratti jiru qeequuf, abdii diinagdee horachuuf jiru agarsiisuuf, abshaalummaa diinagdee horachuu, qusannaa agarsiisuuf, gorsa diinagdee kennuuf faa'a akka ta'e mirkanaa'eera.
- Akkasumas, mammaaksi akka afoola warra biraatti yoomessa dhabbata waan hinqabneef, haalaafi yeroon osoo hindaanga'iin yeroofi haala barbaachise keessatti akka tajaajilu bira gahameera.
- Mammaksoonni Oromoo Godina Baalee aanaa Sinaanaa yeroo ammaa kana maanguddoota biratti kan dangeeffamaniifi darggagoota biratti bal'inaan kan hin beekkamane akka ta'es bira gahameera.

## 5.3. Yaboo

Hawaasni Oromoo aadaa, duudhaa, safuu, amantii, falaasama, seenaa fi dhugeeffannaa mataaisaa kan qabu dha. Calaqqisiistonni eenyummaa hawaasaa kun sababoota adda addaan dhiibbaanirra gahee yeroo ammaa kan dagatamaa fi hafanii kan badan jiru.Rakkoolee mammaaksotaan

walqabate xinxaluudhaan yaanni "osoo akkas ta'ee" jedhu akka armaan gadditi dhiyaatee jira.Mammaaksonni Oromoo dhimma diinagdee ibsanirratti qaaccessa qabiyyee taasifameen qorattuun akka yaada furmaataatti kanneen armaan gadi lafa keessee jirti.

- Dhaabbileen mootummaas ta'e miti mootummaa kanneen dhimmi xiyyeeffannaa isaan ilaallatu waa'ee mammaaksa Oromoo irrattis xiyyeeffatanii osoo hojjetan gaarii ta'a.
- Hayyoonni Oromoo kanneen waa'ee Oromoo irratti qorannoo fi qo'annoo adda adda gochaa jiran mammaaksota Oromoo irrattis xiyyeeffatanii osoo hojjetanii fi kitaabaanmaxxansiisanii hawaasa bal'aa bira akka gahu osoo godhanii bayeessa ta'a.
- Dhaloonni har'a jirus ta'ee kan boodarraan dhufaa jiru aadaa, duudhaa, safuu, seenaa fiamantii hawaasichaa qoratee akka aadaan abbaa isaa deebi'u taasisuuf tumsa fi dirqama isaa bahachuu qaba.
- Barattoonni Afaan Oromoofi Og-barruu barannehawaasa keessa seennee hubannoo namoonni aadaa kanarratti qaban hubannee adda baafachuudhaan waa'ee mammaaksotaOromoo irratti hubannoo gaarii akka horatanii aadaa isaaniitti akka boonan osoo hojiihubannoo cimsuu irratti hojjennee jijjiiramnidhufuu qaba.
- Waajjirri aadaa fi turizimii Aanaa Sinaanaa aadaa hawaasaa qorachuun hawaasaaf marii paanaalii qopheessuun aadaan hawaasaa akka waltajjii isaatti deebisu taasisuu qaba.
- Yeroo baay'ee mammaaksota Oromoo gadaantummaafi ciminaa dubartootaa ibsantu baay'inaan qorattoota adda addaan qoratamanii jiru. Haata'u malee osoo qorattoonni biro mammaaksota dimmmoota diinagdee ibsan yoomessa bal'aa keessatti Godinaalee Oromiyaa kanneen biroo itti dabaluun qoratamee dhimmoota diinagdee wajjiin walqabatan baruuf daandii sirriidha. Akkasumas sabni Oromoo diinagdee horachuuf iddoo guddaa akka qabu agarsiisuuf karaa banuu danda'a.
- Waajjirri Aadaafi Turizimii mata duree kana irratti qorannoo gaggeessanii gadi fageenyaan mammaaksota dhimma diinagdee ibsan hawaasaaf ibsuun hamilee hawaasaa cimsuun hawaasni eggataa akka hin taane gochuuf ittiin barsiisuuf karaa filatamaa ta'uu danda'a.

- Dhaloonni ammaa mammaaksoota Oromoo dhimmoota diinagdee ibsan waansirritti hin beekneef barsiisuuf karaa filatamaa ta’u mala.

- Osoo jaarsoliin gara garaa bakka sirni garagaraa raawwatamu irratti akkasumas afoosha gara garaatti mammaaksota Oromoo dhimmoota diinagdee ibsan baay’inaan itti fayyadaman hawaasa barsiisuufis ta’e ilaalcha qabeenyaan badhaadhuuf qaban darankakaasuuf karaa filatamaa ta’uu danda’a.

- Namoonni walgahii gaggeessan yeroo gara garaa waltajjii gara garaa irratti bakka namoonni hedduun argamanitti mammaaksota Oromoo dhimmoota diinagdee ibsan osoo baay’inaan itti fayyadaman ummmata barsiisuufis ta’e mammaaksonni osoo jiranuu dhokatamnii hafan kun akka ifa bahaniifi hawaasnis akka itti fayyadamu karaa gaarii ta’uu danda’a.

- Namoonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo qopheessan qabiyyee mammaaksotaa dhimmoota diinagdee ibsan osoo galchan barattoota daree keessatti mammaaksonni dhimmoota diinagdee wajjiin walqabate ibsan kun jiraachuufi faayidaa isaanii hamalilee hojii lammiilee kakkaasuuf daandii qajeelaa ta'uu mala.

Walumaagalatti roga rogaan qaamni dhimmi kun ilaalatu yaboo itti kenname kana osoo fudhatefi hojiitti hiike mammaaksota dhimmoota diinagdee wajjin walqabate ibsan kana tursisuu, hawaasnis akka itti fayyadamuufi hubatu taasisuuf karaa filatamaa ta'uu mala.

**WABILEE**


Abraham Alemu. (2000). *"Jimma Oromo Oral Prose Narratives: A preliminary Divscriptive Analysis*". MA Thesis. Addis Ababa University (Unplished).

Addunyaa Barkeessaa. (2011).*Akkamtaa: Yaadrimee qorannoo hujoo*.Finfinnee

____________. (2014). *Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Oromiyaa Finfinnee: Far East Trading PLC.

____________. 2014).*Semmoo*.Finfinnee: Far East Trading plc.

Alamaayyoo Hayileefi Kanneen biroo.(2006). *Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffa.a* .Finfinnee: Komishinii Aadaafi Turizimii Oromiyaatiin kan maxxanfame.

Alamituufi Alamaayyoo .(2010). *Seenaa Afoolaa.Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaaan Oromoofi Ogbarruu*. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Anderzejewski, B.W. (1985). *Litrature in cushetic languages other than Somali*. Litrature inAfrica language: Combriddge University.

Asafaa Tafarraa. (2009). Eela. Seenaa Oguma Oromoo:Finfinnee.Printed Far-East Trading PLC:

Bascom, W. (1965).*The Study of Fokolre*. Burklay: Printce-Hall, Inc.

__________. (1992). *American Folklore in the new world Bloomingto and Indiana polis*: Indiana University press.

Ben Amos. (1975). *Folklore in Africa Society in research literature*.6(2) PP.165-198.

Ben Amos. (1979) .*Toward adefinition of folklore in context* (Reading American Folklore). South Asian Publishers Ltd. New Dechi.

Bukenya, A. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi:Nairobi Unversity Press.

Dorson, Rechard M. (1972). Folklore *and Folklife: An Introduction.* Chicago and London: The University of Chicago press.

Dundes A. (1965). The Study Of Folklore. Upper Saddle River N. Printed.

Dundes, Alan. (1999). *The Study of Folklore*. Englewood Cliffs: N.J Prentice Hall, Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Subii.

_________________ (2017). Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo (max. 2ffaa). Finfinnee: Ilsabaa publishing

Fekade Azeze. (1991). *Yesineqal Mamriya*: Institute for International Coopration of the Jerman Adult Education Association.

Finnegan, Ruth. (1970). *Oral literature in Africa*. Oxford: Oxford University press.

Finnegan. R. (1977). Oral poetry: Composition Performance and Context. Cambridge:

Cambridge University Press

Gaaddisaa Birruu.(1991). *Maalummaa Mammaaksa Barruulee jildi 4ffaa* Biroo Aadaa fi Beeksisa oromiyaa Finfinnee.

Getachew Gomoro. (2015). "*ClimateVariability and Measurmet of WolisoWoreda*," Haromaya University, MA Thesis

Jaarraa W. fi Wasanee B. (2001).*Bantuu Haaraa*: *Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Orommoo* finfinnee: Oromiyaa.

Kotheri, C.R. (2004). *Research Methedology.* Methods and Techniques, 2nd (edt) India*:* New Age International Ltd.

Meider,Walfgong.(1997). *The politics of proverbs from traditional wisdom to proverb stares types*. the university misconsia press.

Melakne Mangistu.(2003). Fandamentals of Literatures (2nd ed.) . Addis Ababa PE.

Melakneh Mengistu. (2005). *Map of African Literature*. Addis Ababa: Branna Enterprise.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). Dilbii. Finfinnee (Bakki Maxxansaa Hin Beekamne)

______________. (2012). *Biiftuu: Guddina Afaanii*. Finfinnee: Subi printing press.

Mahaammad Sayid Abdurahamaan.(2016).Seenaafi Qabsoo Oromootaa.Finfine Graphic

Okumba. (1994). "*Understanding and teaching proverbs*" Understanding oral litersture .Nirobi Universty press

Qixxeessaa Laayyoo. (2016). "Xiinxala Hiika Mallattoolee Aadaa Oromoo Godina Horroo Guduruu wallaggaa Aanaa Habaaboo Guduruu Irratti Kan Xiyyeeffate*:"* Finfinnee: Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa (Kan Hin Maxxamfamne).

Sahilu Kidaane .(1996)." *Borana Oromo prose Narratives*. A contextual study". MA thesis A.A Univerity.

____________ . (2002). *Borana Folktales*.Contextual study. London University kingdom

Sims C. Martha and Martine Stephens (2005).*Living Folklore: An Introdaction to the study of People and their Traditions.* Ohiho: The Ohiho state University, Utah University Press.

Solomon Areaya. (2004). *Qualilative Research: Beyond anumber Game*. Institute of Educational Research Flambeau. Addis Ababa University (Vol.aaNo.2)

Sumner Cloud (1996). *Oromo Wisdom Literature: Proverbs, Songs, And Folktales: An Analogy of Oromo Literature.* Addi Ababa: Guddina Tumsa Foundation.

Tadesse Jalata. (2004). *Social Function of Oromo Proverbs.In Oromo Oral Peotery*. Germany

Tafarii Kumsaa.(2001). *Mammaaksa Oromoo (Wiirtuu Jildii 9ffaa).*Finfinnee Commercial Printing Enterprise.

Taylor.(1973). *Introduction to Cultural Anthropology*.U.S.Athe Macca Oromo. AAU(Unpublished, PhD Thesis).

Wasanee Bashaa. (2002). *Qorii Qorsaa*: Birana printing.

Wiirtuu. (1995). *Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*, Finfinnee: Aaadaafi Turiizimii Oromiyaa

Yewayinxajji Daamxoo (2016). Qaacceessa Qabiyyee Mammaaksota Oromoo Cimina Dubartoota Ibsan: Aanaa Ada'aa, Yuunivarsiitii Finfinnee. Finfinnee.

Zelalem Aberra. (2003). *Translation from Oral to Written Oromo Poetery.In Journal of Oromo Studies.*Vol.10 Numbers 1 and 2

ዘሪሁንአስፋው፡፡(1992)፡፡*የስነ-ፅሁፍመሰረታውያን*፡አዲስአበባንግድማተሚያድርጅት፡፡

ፍቃደአዘዘ. (1991). *የስነ-ቃልመመሪያ.* አዲስአበባ: አርቲስቲክማተሚያቤት.

**Dabalee – A:  Afgaaffii**

## YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

GAAFFILEE AFGAAFFII NAMOOTA ODEEFFANNOO KENNANIIF DHIYAATU.

Duraan dursee odeeffannoo naafkennuudhaaf tole naan jechuu keessaniif isinan galateeffadha. Yaanni afgaaffii kana irraa argamu qorannoo kanaan alatti dhimma birootiif kan hin oolle ta'uu isaa isiniif ibsa.

1. Mammaaksoonni diinagdee cimsuuf mammaakaman kam fa'i?
2. Mammaaksoonni qisaasa'uu diinagdee agarsiisan kamfaa'i?
3. Mammaaksoonni gawwummaan walqabatee qisaasa'uu diinagdee agarsiisan kamfaa'i?
4. Mammaaksoonni diinagdee horachuu keeessatti ciminna dhiirootaa ibsaa kamfaa'i? Akkamitti fayyadamamu?
5. Mammaaksoonni diinagdee horachuu keeessatti ciminna dubartootaa ibsan kamfaa'i? Akkamitti fayyadamamu?
6. Mammaaksoonni diinagdee horachuu keeessatti ciminna dargaggootaa (dhiiraa) agarsiisan kamfaa'i? Akkamitti fayyadamamu?
7. Mammaaksoonni diinagdee horachuu keeessatti ciminna ijoollee dubaraa himanhoo kamfaa'i? Akkamitti ibsan?
8. Mammaaksoota diinagdee horachuun walqabatee abshaalummaa ibsan kan akkamiiti?
9. Mammaaksoonni qisaasa'uu diinagdee too'achuuf mammaakaman isaan kami?
10. Mammaaksoonni Oromoo hiyyummaan walqabate mammaakaman kamfaa'i?
11. Mammaaksi dhimma diinagdeen walqabatan yoomeessa akkamii keessatti mammaakamu?
12. Mammaaksonni dhimma diinagdeen walqabatan kunniin ergaa akkamii qabu?
13. Yeroo ammaa mammaaksonni kunniin sadarkaa akkamiirra jiru?

**Dabalee – B: Marii Garee Xiyyeeffannoo**

## YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI NAMOOMAATTI, MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUU

## QABXII MARII NAMOOTA MARII GAREE IRRAATTI HIRMAATANIIF DHIYAATU.

Duraan dursee waamicha marii garee kiyya irratti argamuuf tole naan jechuu keessaniif isinan galateeffadha. Yaanni marii garee kana irraa argamus dhimma qorannoo kanaan alatti kan hin oolle ta'uu isaa isiniif ibsa.

1. Mammaaksoonni diinagdee cimsuuf akkamitti gargaaran?
2. Mammaaksoonni akkamitti qisaasa'uu diinagdee agarsiisuu danda'an?
3. Gawwummaan walqabatee qisaasa'uu diinagdee mammaaksaan niibsamaa? Akkamitti?
4. Mammaaksoonni diinagdee horachuu keeessatti ciminna warra:
    - Dhiiraa
    - Dubartootaa
    - Dargaggootaafi
    - Shamarraniin agarsiisan, akkamitti ibsaman?
5. Diinagdee horachuun walqabatee abshaalummaan mammaaksaan ibsamuu danda'aa?
6. Mammaaksaan qisaasa'uu diinagdee akkamitti too'achuun danda'ama?
7. Hiyyummaan mammaaksaan akkamitti ibsama? Fkn;
8. Mammaaksi dhimma diinagdeen walqabatan yoomii fi eessatti?
9. Mammaaksonni dhimma diinagdeen walqabatan kunniin ergaa akkamii qabu?
10. Yeroo ammaa mammaaksonni kunniin sadarkaa akkamiirra jiru?

**Dabalee – C: Hirmaattoota Afgaaffiifi marii gareetiin odeeffannoo Kennan.**

| T.L | Maqaa | Saala | Sadarkaa barumsaa | Umrii | Ganda | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obboo Guutaa Wayyeeessa | Dhi | Kutaa 12 | 48 | Sanbituu | Q/Bulaa |
| 2 | H/aadam H/Kadiir | Dhi | Kutaa 12 | 56 | Sanbituu | Q/Bulaa |
| 3 | Obboo Huseen Jaafar | Dhi | Kutaa 8 | 62 | Iluu | Q/Bulaa |
| 4 | Obboo Ibraahiim Jeeyilaan | Dhi | Kutaa 11 | 56 | Iluu | Q/Bulaa |
| 5 | Obboo Shifarraa Warquu | Dhi | Kutaa 12 | 44 | Alaage | Q/Bulaa |
| 6 | Obboo Aschaaloo Gammachuu | Dhi | Kutaa 7 | 52 | Alaage | Q/Bulaa |
| 7 | Obboo Caalaa Damee | Dhi | Hin baranne | 57 | Sanbituu | Q/Bulaa |
| 8 | Aaddee Maammitee Kabbadaa | Dhi | Kutaa 4 | 64 | Alaage | Q/Bulaa |
| 9 | Aaddee Leensaa Lalisaa | Dhi | Kutaa 6 | 70 | Salqa | Q/Bulaa |
| 10 | Aaddee Alamituu Jifaar | Dhi | Kutaa 2 | 45 | Salqa | Q/Bulaa |
| 11 | Obboo aschaaloo Xibabuu | Dhi | Hin baranne | 75 | Salqa | Q/Bulaa |
| 12 | Obboo Gammadaa Tolaa | Dhi | Hin baranne | 68 | Hawushoo | Q/Bulaa |
| 13 | Obboo xaahir Jamaal | Dhi | Hin baranne | 63 | Hawushoo | Q/Bulaa |
| 14 | Obboo Muhaammad Muhaamud | Dhi | Hin baranne | 61 | Hawushoo | Q/Bulaa |
| 15 | Obboo Muhaammad Sheekii | Dhi | Diigrii | 35 | Roobee | Ogeessa WATA |
| 16 | Obboo Adaanaa Makonnin | Dhi | Diigrii | 40 | Roobee | Ogeessa WATA |
| 17 | Aaddee Caaltuu Geetaachoo | Du | Diigrii | 30 | Roobee | Ogeessa WATA |
| 18 | Obboo Mulugeetaa Margaa | Dhi | Diigrii | 45 | Roobee | Ogeessa WATA |
| 19 | Aaddee Caaltuu Takaaliny | Dub | Diigrii | 32 | Roobee | Ogeessa WATA |
| 20 | Aaddee Asteer Katamaa | Dub | Diigrii | 39 | Roobee | Ogeessa WATA |

## Dabalee – D: Suuraa Yeroo Odeeffannoon funaanamu fudhatame



Suuraa 1: Marii garee 1ffaa dhimma mammaaksoota diingdee ilaalatan



Suuraa 2: Marii Garee 1ffaa



Suuraa 3: Miseensoota Marii Garee Lammaffaa yeroo mar’atan



Suuraa 4: Marii Garee eekspartoota Waajjira Aadaafi Turiizimii aanaa Sinaanaa



Suuraa 5: Marii Garee



Suuraa 6: Afgaaffii Obboo Urgaa Odaa Wajjiin Taasifame

## Dabalee – E: Mammaaksota Oromoo Dhimma diinagdee irratti xiyyeeffataniifi yoomeesa adda addaa keessatti mammaakaman kanneen afgaaffii fi marii garee hirmaattootaarraa argaman

Abba hin qabdu akaakyuuf boochi

Abbaan damma nyaateef ilma hafaan hin mi'aawu

Abbaatu of mara jedhe bofti hantuuta liqimse

Abjuun bara beelaa buddeena abjoota

Addunyaan fixeessa ganamaati

Adeemsa karaa fagoo jalqabbiin tarkaanfiidha.

Akka abalun sirbaan boquu nama jallisa

Akka Durii fi Harka xuriitti hin hafan!

Akkuma cabannitti okkolu

Alaafatan malee mi'aa hin argan

Allaattiin ka'umsa bade yeroo qubataa rakkata

Ana haa nyaatuun beela hin baasu

Anatu Caalaan Ciinciraa haaduu afaan buute!

Ani hoo duruu gubattuu dha jette beddeen mana keessa gubattee!

Baalageen ba'a dammaa hin beektu arraabataa deemti

Bakka abiddi hin jirree aarri hin jiru

Bakka kufte osoo hin taane, bakka mucucaatte bari.

Bara eegaan mara eega

Bara tokko boora ta’u bara tokko boorana ta’u

Billaachi otoo ofii hin uffatiin dhakaatti uffisti

Bishaan bu’anii qabbana hin lagatan

Boftiifi raachi hanga ganni darbutti wal faana jiraattu

Bor hin bekneen qoda- bukeen ishee lama!

Boru hin beekneen qad-bukoon ishee lama

Buuphaa cabsuuf jinfuu eeboo hin fudhatan

Darbaa hin darbatan dhuma hin qusatan

Deegan malee waqayyo hin beekani

Duulli biyya wajjinii godaansa

Eelan malee eelee hin dhaabatan

Farda bilbilatu miidhagsa

Firri gara firaa jennaan kal’een gara loonii jette

Foon lafa jira allaatti samii irraa wal lolti

Foon lafa jiru allaattiin muka irraa wal lolti!

Gaafa nama badhaasu baay’ee nama hin dhmaasu

Gaangeen haada kutte jennaan oftti jabeessite jedhani

Gabaan fira dhaba malee namadhabinsa hin iyyitu

Gara barii ni dukkanaa’a

Garaa dhiibuu irra miila dhiibuu wayya

Garbittii lubbuuf walii gadi kaattu, warri qophinaafi se’u

Garbittiin gargaarsa argatte majii dhoksiti jedhan!

Goomattuuf goommanni hin margu

Gowwaa kofalchiisanii, ilkee lakawu

Gowwaan bishaan keessa ijaajjee dheebota

Gowwaan gaafa deege nagada

Gubattee hin agarre ibiddatti gamti

Guulaa hin bitiin jiilaa biti

Haadha laalii intala fuudhi

Haati hattuun intala hin amantu

Haati hattuun intala hin amantu

Habbuuqqaa guddinaaf hin quufani

Halagaa gaafa kolfaa fira gaafa golfaa

Harka namaatiin ibidda qabaa hin sodaatani

Harki dabaruu wal dhiqxi

Harree ganama badee, galgala kur-kuriin hin argitu

Harree hin qabnu, waraabessa wajjin wal hin lollu

Hidda malee xannachi hin dhiigu

Hidhaa yoo tolchan, gadi garagalchanii baatu

Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde!

Hiyyeessaf hin qalani kan qalame nyaata

Hoodhu jennaan diddeetu lafa keenyaan hatte

Hoolaan abbaa abdatte, diboo duuba bulchiti

Humna tabba nama baasuufi midhaan ganna nama baasu abbaau safarata

Humna yoo qabaatan sagaleen lolanii humna yoodhaban sagalee tolan

Ifaan kan soran dukkana soratu

Ijoollee bara quufaa munneen ibidda afuufa

Ijoollee soressaa dhungachuun gabbarsuu fakkaatti

Jaalalli allaatti gara raqaatti nama geessa

Jaarsii fi qalqalloon guutuu malee hin dhaabatu

Jaartiin Bara Buttaa Duudde hoo Luboo Jechaa hafti!

Jabbiin hootu hin mar'attu

Jabeessee kan hidhe hin gaabbuu

Jarjaraan re'ee hin horu

Jibicha korma ta'u elmaa irratti beeku

Jiidha laaltee hin qotin ji'a laaltee malee

Jiruun carraaqqiidha jette gogorriin

Kadhatanii galanii weddisaa hin daakani

Kan abbaan gaafa cabse halagaan gatii cabsa

Kan harree hin qabne farda tuffata

Keessa namaa hin beektuu keessa qabattee namaa kenniti!

Kinniisni cinninnaan nama aarsitee dammaan nama araarfati

Lafee cabsutu dhuka baafata

Rakkoon nama hin qabin haati sodda nama hin qallabin

Sa'a muucha gabaabduu abbaatu akka itti elmatu beeka

Sangaan bara qote hedata!

Sossobanii farda yaabbatu

Udduun teessu huuba kaafti

Uffnni abbaa tokkoo daara namaa hin ta'u

Ufi hin beekneenji'a aduu seetee qaqqaammatti

Waa malee buqqeen bishaan hin lixu

Waan okkoteen hin qabne mooqqan hin fuudhu

Waan uffattu hin qabduu aguuggattee haddi!

Waan Waaqni qocaaf kaa'e illeettiin hin fudhattu!

Waraabessii biyya namni isa hin beekne dhaqee itillee naa hafaa jedhe!

Warri guddaan aduurree wasaasaa baata!

Yaa mana ofii kan itti quufanirraa kan itti dhuufan

Yarattusa hamma haadha ofii maaltu ga'a

Yoo irreen koo socho'e onneenko socho'a